# BARIISAA

Bara - 46 Lak. 53 Bariisaa Guraandhala 2, Bara 2016 | Sanbataa | February 10, 2024) Qar. 10.00



Mijuu



# "Itoophiyaatti filannoon malee afaan qawweetiin aangoo qabachuun hin yaadamu"

*- Ministira Muummee Doktar Abiyyi Ahmad*

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee**: Kana booda Itoophiyaatti kaardii filannootiin ala afaan qawweetiin gara aangootti dhufuun akka hin yaadamne Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad beeksisan.

Doktar Abiyyi yaa'ii 6ffaa bara hojii 3ffaa walga'ii idilee 14ffaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti argamuun gaaffilee dhimmoota garagaraarratti miseensotarraa dhiyaateefiif wayita deebii kennan

*Gara fuula 14tti*

# Abbootii qabeenyaa maxxansa kitaabilee barnootaarratti bobbaasuuf sochiin eegalame

**- Duula "Barnootni Dhalootaaf" jedhuun hojiin barnootaa qarshii biliyoona 21.9 ta'u hojjetame**

**Waaqshuum Fiqaaduufi Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Hanqina kitaabilee mudate furuuf abbootii qabeenyaa maxxansa kitaabilee barnootaarratti hirmaachisuuf sochiin eegalamuu Ministeerri Barnootaa beeksise. Hojiin misooma barnootaa qarshii biliyoona 21.9 ta'u hirmaannaa ummataan hojjetamuunis ibsame.

Ministirri Barnootaa Pirofeesar Biraanuu Naggaa ibsa Kamisa darbe miidiyaaleef kennaniin akka jedhanitti, marsaa duraatiin kitaabilee miliyoona 20 reeshoo kitaaba tokko barataa afur ga'uun hanga Sadaasaatti barattoota sadarkaa 2ffaaf raabsuun danda'ameera. Marsaa 2ffaanis kitaabilee miliyoona 20 kan reeshoo kitaaba tokko barataa lamatti xiqqeessuuf ta'u hanga baatii Caamsaatti raabsuuf qophiin xumurameera. Kitaabilee kunneen marsaa


Suurri Haddush Abraatiin


*Pirofeesar Biraanuu Naggaa*

lamaan maxxansisuuf doolaarri Ameerikaa miliyoona 40n baasii ta'eera.

Haa ta'u malee, haqina kitaabaa kana guutummaatti furuuf baasii doolaara Ameerikaa miliyoona 95 kan gaafatu ta'uufi kun ammoo haala biyyattiin keessa jirtuun akka ulfaatu ibsanii; kitaabilee kunneen biyya keessatti bal'inaan maxxansiisuuf abbootii qabeenyaa waliin mariin taasifameera. Bara dhufurraa kaasee abbootiin qabeenyaa kunneen hojii ijaarsa mana maxxansaas akka eegalan hubachiisaniiru.

Kitaabilee barnootaa sadarkaa jalqabaa maxxansanii barataaf raabsuun aangoo naannolee ta'uu eeranii; naannoleen tokko tokko dursanii qophii taasisuun hanqinicha hanga tokko furanis kanneen ammayyuu rakkoo keessa jiran jiraachuu dubbataniiru. Ministeerichi manneen barnootaa moodeela ta'an 50 ijaaruuf karoorfatee hanga tokko yoo xumuru barana ammoo manneen barnootaa 16 dhaabbilee gargaarsaa waliin ijaarsasaanii eegalamuu ibsaniiru.

*Gara fuula 14tti*






## "Dhiibbaa biyyoota alaa injifachuuf rakkoo keessoo furuurratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha"

*- Pirofeesara Gargaaraa Adam Kaamil*

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee**: Gaaffii ulaa galaanaa Itoophiyaa gufachiisuuf dhiibbaa

*Gara fuula 13tti*

## "Itoophiyaan 'BIRCS'tti makamuun warra lixaa dheessuuf miti"

*- Ambaasaaddar Diinaa Muftii*

*fuula 4*

# Godambaan Yaadannoo Injifannoo Adwaa boru eebbifama

**Charinnat Hundeessaatiin**

**Finfinnee**: Godambaan Yaadannoo Injifannoo Lola Adwaa akkuma maqaasaa Itoophiyaarra darbee ummata gurraacha hunda boonsu ijaarsisaa xumuramee eebbaaf qophaa'ee jira.

Doktar Abiyyi, "Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaa lammii Itoophiyaa namni biyyoota Afrikaa birooyyuu yoo yeroo fudhatee ilaale carraan itti irratti falmu, jibbuufi busheessu hinjiru" jechuun guddummaafi hundagaleessummaasaa

*Gara fuula 13tti*



# ODUU

## “Idaan Itoophiyaan kaffalte egeree dinagdeesheetiif carraa guddaadha”

*- Hayyuu dinagdee*

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Waggoota shanan darbanitti idaa doolaara biliyoona 9.9 ofirraa kaffaluun Itoophiyaa egeree guddina dinagdeesheef carraa guddaa ta’uu Hayyuun Dinagdee ibsan.

Hayyuun Dinagdee Yunivarsiitii Haramaayaa Doktar Fireezar Xilaahun ibsa kaleessa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, liqiin liqeeffatamu qixa sirriin yoo hogganame biyyoota guddina dinagdee galmeessisaa jiran akka Itoophiyaaf carraa guddaadha. Faallaa kanaan yoo xiyyeeffannoo argachuu baate rakkoo dhalootatti darbuudha.

Itoophiyaan bara 2011 hanga 2015 idaa liqii doolaara Ameerikaa biliyoona 9.9 kaffaluunshee guddina dinagdee galmeessisaa jirtu daran saffisiisa jedhanii; Ta’us bu’aaqabeessummaan idaa kaffalamee akkaataa biyyattiin ittikaffalteerratti akka hundaa’u ibsaniiru.

Kunis biyya tokkorraa liqeeffachuun idaa biyya biroo kaffaluu yoo ta’e yeroof malee bu’aa waaraa akka hinqabne hubachiisaniiru.

Amanamummaa, bilisummaa dinagdeefi birmadummaa biyya ofiif liqii ofirraa kaffaluun faayidaa guddaa qaba kan jedhan



*Doktar Fireezar Xilaahun*

Doktar Fireezar; liqii Itoophiyaan waggoota shanan darban kaffalte hanga dandeettii liqii deebisuushii waan mul’isuuf fuulduratti biyyootaafi dhaabbilee idiladdunyaarraa liqii argachuu akka ishee dandeessisu ibsaniiru.

Bara 2011 hanga 2015tti biyyattiin liqii bizinasii (‘Commercial Loan’) fudhachuu dhiisuunshee waan jajjabeeffamuu qabuudha kan jedhan Doktar Fireezar; liqiin akkanaa birmadummaafi iccitii biyyaarratti dhiibbaa mataasaa qabaachuu dubbataniiru.

Mootummaan jijjiiramaa liqii dhibbantaa omisha biyya keessaa waggaa (‘GDP’) keessaa 32 irra ture gara dhibbantaa 17tti xiqqeessuun milkaa’ina guddaa ta’uu eeranii; Itoophiyaatti waggoota shanan darbanitti guddinni dinagdee qabatamaadhaan jiraachuus kaasaniiru.

Karoora hir’isa idaa gara dhibbantaa 10tti xiqqeessuuf qabame milkeessuuf mootummaan baasiifi galii walmadaalchisuu akka qabu dhaamanii; baasiin ba’us hojiilee misoomaa fiixaan baasuuf ooluu akka qabu dubbataniiru.

Idaa biyyaa kan kaffalu biyya malee mootummaa ykn paartii waan hintaaneef idaan walqabatee maaltu akka hojjetamaa jiru mootummaan yeroo yerootti lammiilee beeksisuun barbaachisaa ta’uu himaniiru.

Biyyootni liqeessitoota maallaqaa Itoophiyaaf doolaara Ameerikaa biliyoona 1.5 yeroo kaffaltii dheeressuusaanii yaadachiisanii; kunis guddina dinagdee biyyattiif carraa gaarii ta’uu ibsaniiru.

Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad Kibxata darbe gaaffii miseensota Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataarraa dhiyaateefiif wayita ibsa kennanitti, oggaa gara aangootti dhufan idaan Itoophiyaa dhibbantaa 32 irra akka ture, ammaan tana dhibbantaa 17 irra akka jiruufi fuulduratti ammoo dhibbantaa 10 gaditti xiqqeessuuf hojjetaa jiraachuu ibsuunsaanii ni yaadatama.

## “Dhaloota Adwaa qofa osoo hintaane dhalootni har’aas seenaa hojjetaa jira”

*- Dachaasaa Abbabaa (PhD) hayyuu seenaa*

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Dhaloota injifannoo Adwaa qofa osoo hintaane dhalootni har’aas injifannoo galmeessaa jiraachuu Yuunivarsiitii Finfinneetti Hayyuun seenaa Doktar Dachaasaa Abbabaa ibsan.

Doktar Dachaasaan Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, dhalootni kaleessaa birmadummaa biyyasaaf jecha lubbuusaa osoo hinmararfatin kiiloomeetira kuma tokkoo ol imaluun diina hanga funyaaniitti hidhate qolachuun seenaa boonsaa hojjeteera. Dhalootni har’aas wareegama yeroon gaafatu hunda kaffaluun birmadummaa biyyaa ittifufsiisaa jira. Kanaafuu, rakkooleen xixiqqaan jiraatanis dhalootni har’aa dhaloota nama boonsu yoo ta’e malee madaala kamiinuu kan nama qaanessu miti.

Akkuma injifannoon Adwaa utubaa hundaan hundaaf dhaabbate ta’e hidhi Laga Abbayyaas utubaafi ashaaraa waloo dhaloota har’aati jedhanii, kaleessa ummata biyyattii haphee ta’ee kan walitti qabsiise injifannoo Adwaa akkuma ta’e har’a keenyaaf haphee hidha Laga Abbayyaa ta’uu ibsaniiru.

Injifannoon lola Adwaa bu’aa sabaafi sablammootaa qofa osoo hintaane garaagarummaa amantaa, korniyaafi umurii malee firii hirmaannaa hawaasa sadarkaan jiru ta’uu himanii; galmeessi seenaa dhugaa qabatamaa ture ibsuu baatus injifannoo lola Adwaaf hawaasni hingumaachine akka hinjirre hubachiisaniiru. Haalli injifannoo Adwaa itti katabamaa ture seenaa dabsuuf qofa osoo hintaane gumaata gaggeessitootaa arbeessuurratti kan xiyyeeffate ta’uus ibsaniiru.

Namootni biyya hogganan taatee seenaa gara ofiitti qofa harkisuu mudannoo Itoophiyaa qofa osoo hintaane taatee seenaa biyyoota hedduu ta’uu himanii; haa ta’u malee, taatee ofitti harkisuun kun ammoo boora’uu seenaa dhaqqabsiisuun waldhabbiif sababa ta’uu eeraniiru.

Akka isaan jedhanitti, lola Adwaarratti hirmaannaa saboota hundaa qofa osoo hintaane kan beeyiladootaayyuu olaanaadha. Kaan kallattiin lolicharratti hirmaachuun, kaan galaafi meeshaalee waraanaa baachuun kaan uumaa kadhachuun kaan ammoo biyya eeguun hirmaate. Lolarratti wareegamuun walqabatee gaddi mana namoota baay’ee waan seeneef aadaan waljajjabeessuu ture mataansaa seenaa keessatti haala



addaan ibsameera jedhan.

Haa ta’uutii, dhalootni har’aa seenaa boonsaa mataasaa hojjechuu cinatti seenaan kaleessaa dhugummaasaa bu’uureffatee dhaloota ittaanuuf akka darbuuf Godambaa Injifannoo Lola Adwaa mul’isu ijaaruu kaasanii; Godambichi kootaa osoo hintaane qabatamaan hirmaannaafi gumaata hawaasa sadarkaan jiru kan mul’isu ta’uus dubbataniiru. Haala kanaan seenaa waloo mul’isuun tokkummaa cimsuun ala miira abbummaas akka dagaagsu hubachiisaniiru.



*Doktar Mangashaa Faantaawu*

## Nageenya naannichaa waaressuuf tumsi ummataa cimee akka ittifufu gaafatame

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee**: Nageenya Naannoo Amaaraa waaressuuf hawaasni tumsa taasisu cimsee akka ittifufu Biiroon Kominikeeshinii naannichaa waamicha dhiyeesse.

Hogganaan biirichaa Doktar Mangashaa Faantaawu Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, yeroo ammaa nageenyi naannichaa haala gaariirra jiraatus hojiin nageenya waaressuu tumsa hawaasa bal’aa gaafata. Marii tibbana hawaasa bal’aa naannichaa waliin taasifameen fixaaleyyiin hidhannoon socho’aa jiran nama danquun qarshii humnaa olii akka gaafataniifi saamicha mana namootaarratti adeemsisaa jiraachuu hawaasni akka yaaddootti kaaseera.

Qaamni kun bakkeewwan tokko tokkotti ummatni misooma idileesaa akka hinadeemsifanne rakkoo uumuun dabalata fucha argatetti xaa’oo ugguruun ummata hiraarsuurratti fuulleffateera. Ta’us ummatni naannichaa waan nageenya fedhuuf tumsa tasgabbii nageenyaa taasiseen wantootni baay’een gara idileetti deebi’uu hubachiisaniiru.

Qaamni badii kun kanaan dura naannicha dhuunfachuun gara jabeenyaan hoggansa mootummaa naannichaa ajjeesuun dabalata badii lubbuufi mancaatii qabeenya hedduu dhaqqabsiiseera. Naannichatti alseerummaa dagaagsuun sochiin hawaas dinagdee akka laamsha’u taasiseera. Qaala’iinsi gatii akka biyyaatti jiru naannichatti daran akka hammaatu gahee guddaa taphachuus ibsaniiru,

Marii hawaasa waliin taasifameen hojii olaantummaa seeraa kabachiisuun jijjiiramni argame olaanaa ta’uu hubatamuu himanii; qaama karaa nagaatiin deebi’uuf karri banaa ta’uun akkuma jirutti ta’ee, isa alseerummaa kaleessaa deebisuuf wixxirfaturratti tarkaanfiin seeraa cimee kan ittifufu ta’uus yaadachiisaniiru.

Lammiilee naannichaa sababa shira siyaasaatiin naannolee adda addaarraa buqqa’an qe’eesaaniitti deebisuuf naannolee waliin sochii qindaa’aan taasifamaa jiraachuu kaasanii; mootummaan kutannoon hojjennaan lammiileen kunneen yeroo dhiyoo keessatti qe’eesaaniitti akka deebi’an amantaa guutuu qabaachuu ibsaniiru.

Bu’uuraalee misoomaa ilaalchisee ummatni naannichaa komiifi gaaffii hedduu kaasuu yaadachiisanii; gaaffiileen kunneen sadarkaa itti furamaniifi ulfaatinasaaniin adda baasuun yeroo dhiyoofi gabaabaa keessatti sadarkaa federaalaafi naannootti furuuf sochiin kan taasifamu ta’uu dubbataniiru.

Hundaa ol eeyyama ummataatiin sochiin humnaan aangoo qabachuuf taasifamu herrega kamiinuu hinmilkaa’u jedhanii; mootummaanis seera kabachiisuuf dirqameetu malee nageenya waaraaf filannoonsaa karaa nagaafi nagaa qofa ta’uu hubachiisaniiru.

# Ijoo Dubbii

## Maqaa 'qabsootiin' ummata dararuun haa dhaabatu

"Abbaan koo Shifarraa Wayyeessaa Qannoo jedhamu. Jiraataa Oromiyaa lixaa ture. Abbaan koo qonnaan bulaa adda dureedha. Siyaasa keessas hinjiru. Namoota waldhabaniifi gumaaf walbarbaadan araarsuun beekama.

Sababa tokko malee shororkeessitoonni laga keessa jiraatan yeroo tokko saamicha nurratti raawwatan. Erga saamicha raawwatanii booda yeroo lammaffaaf halkan sa'aatii 5:00tti dhufanii abbaa keenya manaa fuudhanii deeman. Sababasaa hinbeeknu.

Ganama sa'aatii 4:00tti ergaa, 'ajjeesneerraa boo'aa' jedhu dhageenye. Oggaa reeffasaa fudhachuu dhaqnu nurratti dhukaasan. Obboleessa koos garmalee reeban. Abbaa keenya dhabnee, waan horanne hundas saamamne.

Abbaan koo ijoollee barachaa turan torba qaba. Garuu kana booda barachuu hindanda'an. Rakkoo guddaaf saaxilamne. Inumaayyuu abbaa keenya isa du'e wayya. Nuti utuu jirruu akka hinjirre taane. Gocha garajabeenyaa dhala namaarratti raawwatamuu hinqabnetu nurratti rawwatame. Gocha hamaa kana ummanni Oromoos ta'e warri kaan hubachuufi balaaleffachuu qabu" jedha gabaasni miidiyaaleen gocha hammeenyaa gareewwan shororkeessitootaafi finxaaleyyiirratti xiyyeeffachuun irradeddeebiin hojjetaa turan.

Nageenyi daran qaaliifi waantota hundaaf bu'uura. Iddoo nageenyi hinjirretti waantota guguddaa yaaduufi karoorfachuun taasumaa hin yaadamu. Ammaan tana kan ummatas, biyyas nagaa dhorkaa jiru tooftaafi muuxannoo siyaasaa waan barbaadan ittiin milkeeffatan hubachuu dhabuudha.

Haallitti rakkoon mudate ittifuramus mataansaa rakkoo qaba. Oggaa rakkoon kamuu matayyoota, murnootaafi ummatoota jidduutti mudatu rakkinicha mariifi jaarsummaadhaan furuun laafaa dhufeera.

Oggaa jalqabbiiwwan nageenyaa uumaman bitaa mirgaan kiyyoo kaa'uunis ni mul'ata. Imalli nagaadhaaf taasifamu oggaa eegalamu jabaadhu jechuu otoo hintaane kiyyoon kaa'amee akka jalqabbichi gufatu gochuun nimul'ata.

Obboleessi obboleessa ajjeesuun, madeessuun gaaffiin deebi'u hinjiru. Bu'aansaa waldeegsuu, qabeenya barbadeessuu, waraana walitti kaasuu, walitti bu'iinsa uumuu, walbuqqisuu, maatiin akka diigamuufi akka biyyiifi ummanni boqonnaa dhaban gochuu qofa.

Akka Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) yaa'ii paarlaamaa Kibxata darbe taa'amerratti ibsanittis, ummata nan qabsaa'aaf jedhan danqaa, konkolaataa gubaa, qabeenya saamaa, akka hojiin misoomaa hinhojjetamne gochuun Oromoos ta'e saba kamiifuu faayidaa hinqabu. Kun gonkumaa akka tooftaa qabsoottis hinfudhatamu.

Gocha hamaa akkanaa keessaa bahamee gara waltajjii nagaatti dhufamuu qaba. Ummata ofii gidirsaa siifan qabsaa'a jechuun faayidaa hinqabu. Ummata Oromoofis ta'e kaaniif sadarkaa har'a irra geenyeen kan barbaachisu nageenya, mariidha. Yaada caalmaa qabu qabatanii dhiyaachuun karaa dimokraatawaan aangoo qabachuu shaakaluu qofa. Kana booda Itoophiyaatti filannoodhaan malee qawweedhaan aangoo qabatanii bulchuun taasumaa waan yaadamu akka hintaane hubatamuu qaba.

Kanaa achi waanti walittibu'iinsarraa, wallolarraa, jibbiinsarraa, abaarsarraa buufatamu akka hinjrre hubatamuu qaba. Walittibu'iinsi waanuma qabnullee nu dhabsiisa malee homaa nuu hindabalu. Kan hamma har'aatti uumameyyuu ni hir'ise malee waan dabale hinqabu. Rakkoolee uumaman kamuu mariidhaan furuun aadeffamuu qaba. Kanaafis ummanni, abbootiin amantii ,jaarsoliin biyyaa, abbootiin Gadaa, haadholiin Siinqee, hayyoonniifi dargaggoonni qoodasaanii bahachuu qabu.

Walumaagalatti mootummaan karrisaa nageenyaaf baname akkuma jirutti ta'ee gidiraa gareeleen shororkeessitootaafi finxaaleyyii maqaa qabsootiin socho'an uumaniin akkuma seensarratti eerre lammiin, ummanniifi biyyi rakkachuu waan hinqabneef haaluma waadaa galameen hojiin olaantummaa seeraa mirkaneessuu cimsee ittifufuu qaba.

Biyyi kan abbaan barbaade akkuma fedhetti qawwee rarraafatee hunkuru ta'uu waan hinqabneef murni karaa seeraan alaa hidhatee socho'u kamuu si ga'e jedhamuu qaba; dammis yoo baay'ate waan hadhaa'uuf. Obsis akkasuma jechuudha.


## Bariisaan

**Guraandhala bara 1969 hundaa'e.**
**Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,**
**Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.**

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

**Gulaalaan**
**Charinnat Hundeessaa**
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**
*Saamraawit Girmaa*
*Natsaannat Taaddasaa*
*Bayyanaa Ibraahim*
*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**
*Bil. 011-126-42-22*


**Kutaa Beeksisaa:**
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**
*251-011-1-5698-62*
*L.S.P 30089*
*email-bariisaa@press.et*

*Ethiopian Press Agency*


# Yaada



## Bariisaan kaleessa, Guraandhala 1 bara 2016 waggaa 47 qabate guddina afaaniifi ogbarruu Oromoo keessatti maal gumaache?

**Charinnat Hundeessaatiin**

Miidiyaalee guddina Afaan Oromoo keessatti shoora olaanaa gumaachan jidduudhaa adda durummaan kan eeramu Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin torbanitti al tokko guyyaa Sanbataa kan maxxanfamu Gaazexaa Bariisaati.

Gaazexaan Bariisaa sadarkaa mootummaa Federaalaatti Afaan Oromootiin qophaa'uun qofagaleessa yoo ta'u, gaazexichi bara 1969 irraa eegalee waggoota 47n darbaniif madda odeeffannoofi bu'uura guddina Afaan Oromoo ta'ee tajaajilaa jira.

Bariisaan kan hundeeffame sirni Fiwudaalaa Hayilasillaasee kufee erga Dargiin dhaabbatee waggaa tokko booda ALA Fulbaana 11, 1975tti. Gaazexaa Bariisaa kan hundeesse, kanarraas ka'ee Abbaa Bariisaa jedhamuun kan beekamu, Pirofeesar Mahdii Haamid Muudeeti .

Namoota isaan wajjin hirmaachaa turan keessaas muraasni Jaal Leencoo Lataa, Lammeessaa Boruu, Pirofeesar Kuwee Kumsaa (haadha warraa Jaal Leencoo Lataa) Ibraahim Hajii Aliifi Immiruu Angooseefaan ni eeramu.

Bariisaan jalqabarratti hanga habbaa (koppii) kuma 20 maxxanfamee raabsamaa ture. Maallaqni gaazexaan kun ittiin maxxanfamu namoota dhuunfaarraa kan walittiqabamu ture. Guraandhala 1 bara 1969 mootummaa Dargiitiin dhaalame.

Bara 1965 oggaa sagantaan siyaasaa wixinametti qaamni qabsoo qindeessu 'Koree Qindeessituu Waaltaa' jedhamu hundaa'ee ture. Miseensota korichaatti dirqama adda addaatu kenname. Koree dhaabbate keessaa tokko 'Koreen Aadaafi Hawaasummaati. Koree kana kan hogganaa ture Obbo Leencoo Lataati.

Korichi hanga korri sabaa tokkoffaan bara 1969 taa'amutti hojiilee jajjaboo lama raawwachuun milkaa'eera. Milkaa'inni duraa naannawawwan Oromiyaa hundarraa hawwisoo walitti fiduun agarsiisa aadaa tokko Galma Biheeraawwii Tiyaatiritti geggeesse.

Agarsiisni aadaa kun maqaasaatu aadaadha malee kaayyoonsaa guddaan Oromoo bakkawwan hundaa walitti fiduun, walbarsiisuu, eenyummaa, seenaa, aadaafi afaansaa tokko akka ta'eefi akka saba tokkootti akka waliif yaadaniifi quuqaman taasisuufi sabaan tokkicha, hiree tokkichaafi biyya tokkicha akka qabu hubachiisuuf ture.

Milkaa'inni lammaffaan Afaaniifi Aadaa Oromoo guddisuuf seera mootummaa jalatti Gaazexaa Afaan Oromoo tokko jalqabuuf ture. Dargiin yeroo sana 'Warraaqsa Dimokraasii Haarawaa' hordofna jedhee waan tureef sanatti dhimma bahuun Gaazexaan 'Bariisaa' jedhamu maxxanfamuu jalqabe.

Jaal Leencoofi haati warraasaanii, Kuwee Kumsaa Gaazexaa Bariisaa Afaan Oromoon yeroo jalqabaatiif maxxanfame qonnaan bultoota mootummaan Dargii guutummaa biyyattiirraa walitti fidee Yunivarsitii Finfinnee qubsiisee kaayyoofi akeeka mootummaasaa barsiisaa tureef tola hiran.

Qonnaan bultoonnis Gaazexaa Bariisaa Afaan Oromootiin yeroo jalqabaatiif barreeffame qabatanii gara naannawaa irraa dhufaniitti fudhatanii galan. Oduun gaazexichaas biyya guutuu walga'e. Gaazexaa Oromootu dhalate jedhanii namoonni hedduun haasa'uu jalqaban jedhu maddeen adda addaa waa'ee Gaazexaa Bariisaa illaalchisuun qophaa'an.

Walumaagalatti, miidiyaa Oromoo hangafa kan tahe Gaazexaan Bariisaa guyyaa hundaa'erraa kaasee hanga bara 1986, ji'a Muddeetti qubee Saabaatiin maxxanfamee ummata bira gahaa ture. Sana booda qubee Afaan Oromootiif daran mijataa ta'etti fayyadamuun sadarkaa mootummaa federaalaaatti maxxanfamaa jira.

Nuti erga hangana jennee yaada namoonni adda addaa gumaacha Gaazexaa Bariisaa keessumaa gama guddina Afaaniifi Ogbarruu Oromoo ilaalchisuun yaadni hayyuun tokko kanaan dura gaazexichumaaf kennan akka ittaanutti dhiyaateera.

"Akkan ilaalutti Bariisaan akkuma biyyaattuu gaazexaa dhuunfaa ta'uuni kan maxxanfamuu eegale. Akka Oromootti ammoo gaazexaa hangafa ta'uusaatiin daran jaalatamaa ture. Namoonni gaazexaa kana qopheessan namoota bakkawwan adda addaatii walitti dhufaniidha.

*Gara fuula 12tti*

# ODUU

## "Itoophiyaan 'BIRCS'tti makamuun warra lixaa dheessuuf miti"

*- Ambaasaaddar Diinaa Muftii*

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee:** Itoophiyaan miseensa garee 'BIRCS' ta'uun warra lixaa dheessuuf akka hintaane Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti miseensi Koree Dhaabbii Hariiroo Alaafi Nageenyaa Ambaasaaddar Diinaa Muftii ibsan.

Haala sochii hariiroo dippiloomaasii Itoophiyaarratti ibsa Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad Kibxata darbe miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatiif kennan ilaalchisee Ambaasaaddar Diinaan Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin turtii taasisaniiru.

Doktar Abiyyi hariiroon dippiloomaasii Itoophiyaa fedhii biyyaalessaa jirurratti kan hundaa'u ta'uu himanii; 'BIRCS'tti makamuun Itoophiyaa biyyoota lixaarraa dheessuun gara biyyoota bahaatti baqachuu



osoo hintaane gartuuwwan lameen waliin hojjechuuf fedhii jiru mal'isuuf ta'uu ibsaniiru. Hariiroo Itoophiyaan biyyoota lixaa waliin qabdu cimee akka ittifufus eeraniiru.

Ambaasaaddar Diinaanis yaaduma kana cimsuun, 'BIRCS'tti makamuun Itooophiyaa gama daldalaa, investimantiifi qabeenya jiru bakka tokkoo bakka biraatti socho'e bu'aa barbaadame argachuuf carraa kan uumu ta'uu ibsaniiru.

Jaarraa ammaa kana keessa addunyaan garee tokko qofatti of hidhee garee biraa kan balaaleffatu miti jedhanii; imaammatni dhimma alaa Itoophiyaas bu'aa biyyaalessaa yaadame milkeessuuf dippilomaasii hunda galeessa hojiitti hiikuu ifatti kaa'eera. Itoophiyaan bu'aa siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi nageenyaa gonfachuuf bu'uura fedhiisheen biyya feete waliin adeemsisuu akka dandeessu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, biyyootni addunyaa bu'aa biyyaalessaa mataasaaniirraa ka'uun dippilomaasii biyya biraa waliin uummatu. Kan Itoophiyaas kanarraa adda miti. Minseensa garee 'BRICS' ta'uunis kanumarraa madde. Gaaffii ulaa galaanaa milkeessuufis ta'e tokkummaa biyyoota Gaanfa Afrikaa cimsuuf garichatti makamuun bu'aa malee miidhaa hinqabu.

Kana malees, Itoophiyaan biyyoota Afrikaa qabeenya bal'aa qaban keessaa tokko. Biyyattiin ummata miliyoona 120, lafa bal'aafi argama siyaasaa ('geopolitics') tarsiimawaa qabduun miseensa 'BIRCS'tti makamuun daran ishee fayyada. Kunis qabeenya uumamaa kanneen akka lafa qonnaafi albuudota hanga ammaatti guddina dinagdeef hinoolle misoomsuurratti miseensa garichaa ta'uun hiikaa mataasaa akka qabu ibsaniiru.

Yeroo ammaa addunyaan sirna garee tokko ('unipolar') irraa gara giddugaleessaatti ('multipolar') deemaa waan jiruuf Itoophiyaanis otoo adda addummaa tokkollee hin uumin bu'aa biyyaalessaashee eeggachuun hunda waliin qajeeltoo kennanii fudhachuun ittifufti jedhan.



## Shoorri fardeenii injifannoo lola Adwaarratti ture dhalootatti ce'uu qaba

**Gammachuu Kadiriin**

**Sandaafaa Bakkee:** Shoora fardeen injifannoo lola Adwaarratti taphatan dhalootaa dhalootatti ce'uu akka qabu Himaattonni Feestivaala Gugsii Fardaa Oromiyaa 3ffaa Amajjii 25-26 bara 2016 Magaalaa Sandaafaa Bakkeerratti hirmaatan ibsan.

Afyaa'ii Ittaanaan Caffee Oromiyaa Obbo Eliyaas Ummataa akka jedhanitti sirnoota darban keessatti aadaafi duudhaa hawaasaa bade bakkatti deebisuuf mootummaan xiyyeeffannaan hojjetaa jira. Feestivaalichi walittidhufeenya Oromoon farda waliin qabu ibsuun cinatti gahee fardeen injifannoo lola Adwaa keessatti taphatan dhalootatti dabarsuuf kan kaayyeffatedha. Madda hawwata turiizimii taasisuun galii argachuufis shoora guddaa qaba.

Kantiibaan Magaalaa Sandaafaa Bakkee Obbo Alamaayyoo Tonkoluu gamasaaniin, gumaatni fardi yeroo gammachuu, gaddaa akkasumas lola keessatti qabu olaanaadha. Keessumaa diddaa weerara Xaaliyaanii bara 1928-1933tti ture keessatti ijnjifannoon galmaa'e farda malee hinyaadamu ture. Kanaaf Oromoon "Jimaa Sanbatee Boora kaachisee Leenca Xaaliyanii ijibbaachise" jechuun shoora fardi lolicha keessatti qabu kan ibseef.

Abbaan Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaa duudhaafi aadaa sabichaa bakkatti deebisuuf hojiin hojjetamaa jiru gaarii ta'uu himanii; gara fuulduraatti kabaji Oromoon fardaaf qabu gad bu'aa dhufe fooyya'uu qaba jedhaniiru. Fuulduratti fardi akka gaarii hinharkifne taasisuufi nyaata fardaa fooyya'aan qorannoon adda ba'ee hawaasaaf ifa akka ta'us gaafataniiru.

Ittigaafatamtuun Waajjira Aadaafi Turiizimii Godina Shawaa Kaabaa Aadde Meeroon Mokonninis akka jedhanitti, wayita gootonni Adwaa eeraman seenaan fardeen Oromoo yoomuu hin dagatamu. Feestivaalichis seenaa ferdeen naannawichaa yaadachiisuuf Sandaafaatti kabajame. Madda hawwata turiizimii taasisuufis Fulbaana bara 2016 irraa eegalee tumaan seeraa ba'e hojiirra ooluu hubachiisaniiru.

Yunivarsitii Adwaa Paan Afrikaarraa Obbo Simee Gaarradoo wayita gumaata fardaa ibsan, fardi Oromoof beeyilada qofa osoo hintaane akka dhalaatti mararfatama. Fardi lolaaf, gaddaafi gammachuurratti jiruufi jireenya Oromoo waliin hidhata guddaa qaba.

Injifannoo Adwaarratti fardeen hedduun guddugala Itoophiyaarraa hirmaatan. Kanaaf, fardi kunuunsi taasifameefii kabajiifi gumaachi injifannoo Adwaa keessatti qaban dhalootatti akka darbuufi tumaan seeraa ba'eefi feestivaalli gugsii fardaa cimee ittifufuu qabas jedhan.

Leenjisaa Ittaanaa Kilabii Beekaa Fardaa Obbo Taganuu Araarsaa namoota leenjii barbaadaniif leenjii gugsii fardaa kennaa jiraachuu himanii; leenjii kilabii isaaniin kennamaa jirus seenaafi duudhaa fardaa deebisuuf gumaacha olaanaa qaba jedhan.

Ijoollee kilabichatti leenji'aa turan keessaa dorgommii gugsii fardaa 'all Africa' kan umurii 18 gadii Aljeeriyaatti qophaa'erratti hirmaachuun 1ffaa ba'e Faxxanaa Nugusuu poteenshaalli gugsii fardaa naannawichaa olaanaa waan ta'eef cimee ittifufuu akka qabu dubbata.

## Jimma: Godina omisha qonnaa waliigalaatiin milkaa'ina olaanaa galmeessisaa jiru

**Natsaannat Taaddasaatiin**

**Jimma:** Godinni Jimmaa omisha bunaa qofaan utuu hintaane yeroo dhiyoo as omishaalee dammaa, qamadii bonaa, ruuziifi baala shaayiitiinis daran beekamaa dhufeera.



*Suurri Haddush Abrahaatiin*

*Obbo Mahaammad Xahaa Abbaafiixaa*

Ittigaafatamaa waajjira qonnaa godinichaa Obbo Mahaammad Xahaa Abbaafiixaa garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa gara garasitti imaletti akka himanitti, omishaafi omishtummaa qonnaa sadarkaa olaanaan guddisuun wabii nyaataa mirkaneessuun omishaalee qonnaa alatti ergaman guddisuun, omishaalee qonnaa alaa galan hir'isuufi carraa hojii bal'aa uumuun hojii akka naannoottis ta'e godinichaatti xiyyeeffannaa argatee hojjetamaa jiruudha.

Godinni Jimmaa lafa waliigalaa heektaara miliyoona 1.8 kan qabu ta'uufi omisha qonnaa kamiifuu mijataa ta'uu himanii, barana lafa heektaara kuma 841 qotame keessaa lafti heektaara kuma 235 omisha ruuziin uwwifamuu eeraniiru.

Omishni ruuzii godinichatti bara omishaa 2013/14 lafa heektaara kuma lama hincaaleefi aanaalee afuritti kan jalqabame ta'uu himanii, omishni kun bara omishaa 2014/15 gara lafa heektaara kuma afuriitti guddachuufi aanaalee 12tti babal'isuun danda'amuu ibsu. Bara omishaa 2015/16tti ruuziin lafa heektaara 235 irratti kan omishame ta'uus eeranii, godinichi yeroo ammaa madda sanyii ruuzii ta'uus himaniiru.

Godinichatti omishni qamadii bonaa bara 2012 lafa heektaara 50 irratti jalqabamuu himanii, barana lafti heektaara kuma 44 omisha qamadii bonaatiin uwwifamuu dubbatu. Godinichatti lafa heektaara tokkorraa callaan ruuzii kuntaala 130, akkasumas lafa heektaara tokkorraa qamadii kuntaala 83 argamuus beeksisaniiru.

Godinni Jimmaa qabeenya bosonaa bal'aa waan qabuuf omisha dammaatiinis ni beekama kan jedhan Obbo Mahaammad, bara 2013 "Oromiyaa galaana dammaa ni goona" jedhamuus kan labsame godinichumatti ibsu.

Godinichi bara 2013 oggaa gara hojii kanaatti seenu gaagura ammayyaa 62 kan qabu ta'uu himanii, baruma sana gaagura ammayyaa kuma 13 qonnaan bultootaaf dhiyeessuu dubbatu. Bara 2014 gaagura ammayyaa kuma 62, bara 2015, gaagura ammayyaa kuma 84fi barana ammoo ji'a ja'a keessatti gaagura ammayyaa kuma 167 qonnaan bultootaaf kan dhiyeessuu ibsaniiru.

Qorqnnoo adeemsisaniin gaagura aadaa tokko keessaa damma kiilogiraamii torbatu argama kan jedhan Obbo Mahaammad, anaalee akka Geeraafi Sigimoo, Shabee Somboo bakka omisha dammaatiin beekamanitti gaagura ammayyaa tokko keessaa dammi kiiloogiraama 93 argamuu himaniiru.

Giddugaleessaan gaagura ammayyaa tokko keessaa dammi kiiloogiraamni 33 argamaa

*Gara fuula 13tti*

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Guraandhala 2 Bara 2016



"Waraanni isuma harkaa qabnu hir'isa malee waan haaraa nuuf ida'u tokkoyyuu hinqabu"

*- Abiyyi Ahmad(PhD)*

*fuula* 8



## "Fardi Qundhudhoo, Arbi Baabbileefi Jimaan, qabeenya Harargeen Bahaa ittiin beekamu yoo ta'u, amma ammoo godina callaadhaanis caalaa jiruudha"

*- Obbo Ayyaalewu Taakkalaa*

*fuula* 6



**Dorgommii Haroo Wancii:**

Bashannansiisaa ispoorteessitoota ciccimoo horachuu jalqabe

*fuula* 9

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Fardi Qundhudhoo, Arbi Baabbileefi Jimaan, qabeenya Harargeen Bahaa ittiin beekamu yoo ta’u, amma ammoo godina callaadhaanis caalaa jiruudha”

*- Obbo Ayyaalewu Taakkalaa*

**Waasihun Takileetiin**

Godinni Harargee Bahaa aanaalee 23 of jalaa kan qabu yoo ta’u, qilleensa naannawa baddaa, baddadareefi gammoojjii akkasumas, misooma jimaafi gaba jimaatiin beekamtii olaanaa gonfateedha.

Gaafa waa’een Harargee Bahaa ka’u waan jimaa qofaan maqaa qabu taasisanii kan ilaalan tokko lama miti. Haata’uutii wiirtuu hawwata turizimii akka Afrikaa Bahaatti kan jalqabaa ta’e kan qabu ta’uu kan quba qabu baay’een waan jiran hinfakkaatan, yoo jiraatanis muraasa.

Harargeen Bahaa gola hawwata turistii ta’uutti dabalee jimaadhaan ala dachee omishaafi omishtumman dachaan dabalaa jiru ta’uurra darbee godina callaa alergiif oolu omishuu danda’uudha kan odeeffanne.

Bariisaanis dhimma kana faana dha’uun gara Godina Haragee Bahaatti imaluun kan afaaniin odeeffamu kun qabatamaan maal akka fakkaaturratti Bulchaa Ittaanaa Godina Haragee Bahaa Obbo Ayyaalewu Taakkalaa keessummaa maxxansa kanaa taasifateera. Turtii isaan waliin taasisnes akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**Bariisaa: Godinni Harargee Bahaa aanaaleefi gandoota meeqa of jalaa qabaa? Haalli qilleensaasaa hoo maal fakkaata?**

**Obbo Ayyaalewu**: Godinni Harargee Bahaa aanaalee 23fi gandoota baadiyyaa ykn araddaalee 583 of jalaa kan qabu yoo ta’u, haalli qilleensaasaas baddaa, baddadareefi gammoojjiidha. Haalli qilleensaasaa omishaafi omishtummaaf mijataadha.

**Bariisaa: Gaafa maqaan Harargee Bahaa ka’u namoonni naannawa omisha jimaa qofaan beekamu ittifakkaatu jiruutii mee isin dhugaa jiru akkamiin ibsitu?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf gaafa waa’een Harargee Bahaa ka’u kanneen waan omisha jimaa qofaan badhaate taasisanii ilaalan hindhiban. Haata’uutii dhugaan jiru kana miti. Godinichi omishaalee akka qamadii, lawuzii, ruuziifi boqqolloo fa’iinis kan ofgeesseedha.

**Bariisaa: Omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuuf tarkaanfii mootummaan fudhachaa jiru Harargee Bahaatti maal fakkaata?**

**Obbo Ayyaalewu**: Makaanaayizeeshiniin qonnaa amma hojiirra oole osoo hinbabal’atiin dura godinichatti aanaaleen wabii midhaan nyaataatiin of hindandeenyeefi eeggattummaa jalatti kufan turaniiru. Deemsa keessa tarkaanfii mootummaan jijjiiramaa omishaafi omishtummaa dabaluuf inisheetivii qamadiifi ruuziifaarratti fudhateen jijjiiramoonni jajjabeessoon galmaa’aniiru.

**Bariisaa: Inisheetivoonni qonnaa mootummaa jijjiiramaatiin eegalaman hawaasa kaleessa eeggattummaa jala tureef furmaata ta’eera jechaa jirtu?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf qe’een Harargee Bahaa eeggattummaa rooba jalaa bahuun aadaa jallisiin omishuu gabbifachuun kana malees inisheetivii qonnaa mootummaan hojiirra oolchaa jirutti fayyadamuun wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra darbanii sadarkaa gabaaf dhiyeessuurra gahaniiru. Kun waan nama gammachiisuudha.

**Bariisaa: Harargeen Bahaa kaleessa omishaafi omishtummaa callaatiin of gahuu dhabuusheetiif sababni maali? Sun furameetu har’a wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra darbee qamadii alergiif qophaa’e keessatti gahee godhate jechuudhaa?**

**Obbo Ayyaalewu**: Tarsiimoon ashaaraa magariisaa mootummaa jijjiiramaa Doktar Abiyyii Ahmadiin eegalame xiyyeeffannoo argatee waan hojiirra ooleef jijjiiramni qilleensaa omishaafi omishtummaa godinichaa hubaa ture akka furamu ta’eera.

Gaarreen godinicha keessa jiran kanneen kanaan dura golgolaa’an tarsiimoo ashaaraa magariisaatiin magariisa uffataniiru. Kanarraa kan ka’e jijjiiramni haala qilleensaa kanaan dura hudhaa dhala namaa ta’ee ture waalta’uun omishaafi omishtummaan dachaadhaan akka dabaluuf sababa ta’eera.

**Bariisaa: Bu’aan ashaaraa magariisaatiin galmaa’aa jiru akkamitti ibsama?**

**Obbo Ayyaalewu**: Ashaaraan magariisaa lafa qabachuusaatiin roobni gahaan yeroosaa eegee akka roobu taasiseera. Kana malees lafti kanaan dura golgolaa’ee ture akka bay’anatu taasiseera.

Kana malees hirkattummaan roobaa kanaan dura ture hafee aadaan jallisiin midhaan omishuu gabbachuusaan omishaafi omishtummaan dachaan dabaleera. Kunimmoo seenaa addaa Harargee Bahaa keessatti galmaahe qonnaan bulaan keenya itti milkaa’eedha jechuun nidanda’ama.

Akka godinichaatti omisha qamadii bara 2013 hektaara kuma jaharratti eegalame jajjabeessaa ta’uusaatiin barana hojichi gara hektaara kuma 93tti akka guddate taasifamee omishni qamadii olaanaan argameera. Hiyyumniifi eeggattummaan hafeera. Aadaan waggaatti lama omishuu babal’achuun wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra darbee alergiif akka gahamu dhugoomseera.

Harargee Bahaatti qamadiin dur ija qofaan beekamu qe’ee qonnaan bulaatti omishamuu jalqabuun ofiifis facaasuu akka baran isaan taasiseera. Kun milkaa’ina nama boonsuudha. Qonnaan bultoonni keenyas ta’an ogeeyyonni misoomaa galateeffamuu qabu.



*Suurri: Daanyee Abarraatiin*

**Bariisaa: Hojiin misooma ashaaraa magariisaarratti gaggeeffamaa ture hoo akkamitti ibsama?**

**Obbo Ayyaalewu:** Bara 2015 tattaaffii gama kanaan taasifameen guyyaa tokkotti riikardii haaraa galmeessisuun biqiltuu miliyoona 45 dhaabneerra. Kunis kaka’umsi qonnaan bulaa keenyaas ta’e kutaan hawaasaa hundi jijjiiramaaf qabu olaanaa waan ta’eef milkaa’uun danda’ameera.

**Bariisaa: Haroon Haramaayaa waggoota dheeraaf gogee ture har’a deebi’eera. Kun akkamiin ta’e? Hojii misooma ashaaraa magariisaatiin walqabataa laata?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf misoomni ashaaraa magariisaa adeemsifamaa jiru qilleensa naannawaa faalamee ture waaltessuun haroon waggoota 17 oliif gogee ture akka bay’anatu taasiseera.

**Bariisaa: Haroon Haramaayaa deebi’ee bayyanachuusaan bu’aan argame jiraa?**

**Obbo Ayyaalewu**: Bakkatti deebi’uun harichaa qilleensaafi uumama naannawichaatti simboo horeera. Carraa hojiis uumeera. Bakka bashannanaa ta’ee turistoota hawwachaa jira. Kun waan ajaa’ibaati. Miirri kutannoo jiraannaan milkaa’inni fagoo miti.

**Bariisaa: Namoonni akka Harargeen Bahaa giddugala hawwata turistii taate hinbeekne jiru. Wiirtuuleen hawwata turistii jiran maal fa’i mee?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf akkuman dura sii kaase gaafa maqaan Harargee Bahaa ka’u namoonni jimaa qofaan kan badhaate taasisanii kan ilaalan jiru. Haata’uutii godinichi akka Afrikaa Bahaatti giddugala hawwata turistii adda ta’e kan qabduudha.

Afrikaa Bahaatti biyyi qabeenya fardeen bosonaatiin maqaa qabdu tokkollee hinjirtu. Godinni keenya garuu isa jalqabaati. Har’a akka Afrikaa Bahaatti fardeen bosonaatiin dursaa jiraachuun keenya biyya keenya Itoophiyaa addunyaatti kan beeksisuufi turistootas kan hawwatuudha. Kunis dinagdee biyyaa cimsuu keessatti qooda olaanaa kan taphatuudha.

**Bariisaa: Seenaan fardeen kanneenii dheeraadha. Haata’uutii fardeen kunniin yeroo ammaa maalirra jiru?**

**Obbo Ayyaalewu**: Waggoota muraasa dura xiyyeeffanno dhabuun lakkoofsaan gadi bu’anii turan. Deemsa keessa hordoffiifi deeggarsa fardeen kanaaf taasifameen haalli mijataa waan uumameef baay’innisaanii dabaleera. Yeroo muraasaa as 30 ol ta’aniiru.

**Bariisaa: Eegumsiifi kunuunsi fardeen bosonaa Qundhudhoof taasifamaa jiru maal fakkaata, haalli mijataan uumameef akkamiin ibsama**?

**Obbo Ayyaalewu:** Waggaa muraasaa as mootummaan naannoo Oromiyaa dhimma fardeen bosonaa kana ilaalchisuun qorannaa barbaachisu taasisee daangaan akka daanga’uuf gochuun hordoffiifi deeggarsi waan godhameefiif har’a haala gaariirra jiru jechuun nidanda’ama.

Akka Afrikaa Bahaatti qabeenya fardeen bosonaan dursuun keenya qalbiin turistootaa gara keenyatti akka fuulleffatu waan taasisuuf xiyyeeffannoon kennamee irratti hojjetamaa jira.

**Bariisaa: Bakka argama fardeen bosonaa gaara Qundhudhoo kanaan walqabatee yaanni falmisiisaa aanaa keenyadha, daangaarradha jedhu ka’aa ture haqni jiru maalidha?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dursa kan beekuu qabnu qabeenyi kun kan Oromiyaa ta’uu, ibsituu simboofi seenaa, gootummaa abbootii keenya darbanii akka ta’an dagatamuun irra hinjiraatu.

Lammatammoo fardeen bosonaa gaara Qundhudhoo kun kan argaman aanaalee Gursumiifi Jaarsoo gidduutti yoo ta’u, waan walfalmisiisu hinqabu, kanuma keenya yoo jenne gahaadha.

Gabaabumatti fardeen bosonaa gaara Qundhudhoo akka Afrikaa Bahaatti isaan jalqabaa waan ta’aniif ikoo turizimii keessatti hammatamee misoomuu akka qabu kallatii taa’e hordofuun yeroo ammaa haala gaariirra kan jiruufi biyya keenya boonsuudha. Lafti

*Gara fuula 7tti*

# KEESSUMMAA BARIISAA

daanga'eefii kaartaan kennamees misoomaa jira.

**Bariisaa: Arbi Baabbillees wiirtuu hawwata turistii Harargeen Bahaa qabu keessaa isa ijoodha. Baay'inni Arboota kanneenii hammami? Hordoffiifi deeggarsa taasifamaa jiru akkamiin ibsitu?**

**Obbo Ayyaalewu**: Baay'inni Arba Baabbillee yeroo ammaa 300 oli. Akka arboonni kunniin balaaf hin saaxilamneef eegumsi taasifamaafii jira.

Gochi seeraan alaa arbarratti raawwatamu akka dhaabatuufis sadarkaa godinaa hanga federaalaatti tattaaffiin taasifamaa jiru olaanaadha. Bu'aa achirraa argamus maallaqatti jijjiiruufis cichoominaan hojjetaa jirra.

Giddugalli kun biyya keenyaaf galii guddaa kan argamsiisu waan ta'eef gama mootummaanis deeggarsi barbaachisaan taasifamaa jira. Nutis jala dhiyeenyaan hordofuun hawwata turistii akka ta'an hojjetaa jirra.

**Bariisaa: Holqi, Gaarri Mul'ataafi kanneen biroos hawwata turistii godinichi qabu keessaa isaan biroodha. Dacheen godinichaa albuudaanis daran kan badhaadheedha. Qabeenyawwan kanneen faayidaarra oolchuuf simannaa invastarootaaf taasifamu akkamiin ibsitu?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf godinni keenya turistii hawwachun ala invastimantiifis qabeenya albuudaa guddaa qaba. Warra misoomsanii misoomuu barbaadaniif balballi keenya banaadha.

Akaakuuwwan albuudaa gara garaa guutaniiru. Kanneen misoomsanii maallaqatti jijjiiruun dirqama waan ta'eef abbootiin qabeenyaa diyaaspooraawwan hirmaannaa barbaachisu taasisuu qabu.

Gabaabumatti Harargeen Lixaa jimaadhaan qofa osoo hintaane misooma omishaalee nyaataatiin, turizimiidhaan, dammaan, albuudaan kan ofgeesse waan ta'eef koottaa misoomsaa, misoomaa jechaa warra misoomsanii misoomuu barbaadaniif balbalasaa banee simachuuf qophiidha.

**Bariisaa: Hojiin damee barnootaarratti hojjetamaa jiru maal fakkaata?**

**Obbo Ayyaalewu:** Hawaasni faayidaa barnootaa argeera. Haroon goge deebi'eefiira. Kun bu'aa barnootaati. Aadaan waggaatti lama omishuun hiyyuma seenaa gochuu gabbateera. Kanarraa kan ka'e misooma barnootaarratti adda durummaan hirmaannaa taasisaa waan jiruuf hawaasaaf galanni nimala. Manneen barnootaa bu'uura boruu hirmaannaa ummataatiin qofa ijaaraman kuma tokkoofi 153 qaqqabaniiru.

**Bariisaa: Dargaggoonni baratanii hojii dhabuurraa kan ka'e araadawwan gara garaatiif saaxilamaa jiru. Rakkoo hojii dhabummaa kana furuuf hojiin hojjetamaa jiru maal fakkaata?**

**Obbo Ayyaalewu**: Hudhaa dargaggootarra jiru furuuf aadaa hojii keenyaa ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hojii uummachuu osoo danda'uu callisaan yeroo gubuun araada hinmalleef saaxilamuun mul'ataa tureera.

Rakkoo kana furuuf qabeenya maal qabna, hubannoo dargaggootaa akkamiin jijjiirra isa jedhurratti hojii hojjetameen har'a dargaggoonni keenya eeggattummaa jalaa bahaa jiru. Bakka hojii nuu kennaa hojjennee ofis biyya keenyas rakkina keessaa baasna kanneen jedhan hedduudha.



***Dhugaa dubbachuuf godinni keenya turistii hawwachun ala invastimantiifis qabeenya albuudaa guddaa qaba. Warra misoomsanii misoomuu barbaadaniif balballi keenya banaadha***

Haaluma kanaan deggarsi barbaachisu taasifameefii kan of jijjiran tokko lama miti. Ammas xiyyeeffannoon kennameefii hojjetamaa jira. Dargaggoonni keenyas kana hubatanii qophaa'ummaa qaban agarsiisuu qabu. Dargaggoonni misooma dammaafi daldalaarratti hirmatanii dinagdeesaanii jijjiiraa jiru.

Dhaabbileen dhuunfaafi miti mootummaas carraa hojii uumaa jiru. Ta'us gahaa waan hintaneef hunda mootummaarraa eeguun sirrii waan hintaaneef dhaabbileen biroos quuqama dargaggootaaf qaban qabatamaan agarsiisuu qabu.

**Bariisaa: Namni tokko hojjetee of jijjiiruuf nageenyi jiraachuun murteessaadha. Rakkoo nageenyaa furuuf sochiin akka godinaatti taasifamaa jiru maal fakkaata?**

**Obbo Ayyaalewu**: Hawaasni godinichaa ashaaraa magariisaa, misooma waloof akkuma waliin dhaabachaa ture nageenya waloosaa kabachiifachuufis humna guutuudhaan hojjetee bu'aa gaariis galmeessiseera.

Keessumaa nageenya waaraasaanii mirkaneessuuf hawaasni keenya dhaadannoo, 'na eegi sin eega' jedhuun gaachana sirnaatiin of ijaaree walhordofaa omishaafi omishtummaansaanii akka hingufanne, nageenyi waloosaanii akka hinboorofne hojjechuun rakkoo nageenyaa tokko malee waljiraachisaa jira. Aadaan kun kan daran gabbachuu qabuudha.

Keessumaa gaachana sirnaafi raayyaa ittisa biyyaa keessatti hirmaachuun akkasumas tajaajila lammummaa kennuun jaalalaafi kabaja nageenyaaf qabu agarsiiseera.

Kanamalees leenjii milishaaf hamma qaburraa maallaqa walitti qabuun nageenyasaaniif dursa kennaa jiru. Kunimmoo jaalala biyyaafi waloosaaniif bakka guddaa qabaachuusaanii agarsiisa.

**Bariisaa: Keessumaa hirmaannaa dargaggoonni raayyaa ittisa biyyaa keessatti qaban akkamiin ibsitu?**

**Obbo Ayyaalewu**: Akka godina keenyaatti waggaa kana qofa dargaggoonni kuma 25 ol fedhiisaaniin raayyaa ittisa biyyaatti makamanii biyyasaanii tajaajilaa jiru.

Kanamalees ijaarsa caasaa nageenyaatiif akka godinichaatti qarshiin miliyoona 42 ol hawaasarraa walitti kan qabame yoo ta'u, nageenyasaaf bakka guddaa akka qabu kan agarsiisuudha.

**Bariisaa: Harargeen Bahaa gocha alseerummaa daldalarratti uumamuuf saaxilamaa waan ta'eef kana ittisuurratti maaltu hojjetamaa jira?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf sochiin kontirobaandii akka godina keenyaatti hudhaa guddaadha. Hudhaa kana furuuf caasaaleen nageenyaafi hawaasni hirmaannaa guddaa taasisaa turaniiru. Alseerummaa gama kanaan mul'atu maqsuuf tarkaanfiilee fudhatamaniin bu'aalee jajjabeessoon galmaa'aniiru.

Salphaatti ittisa qindaa'aa gama kanaan qaamolee nageenyaa gara garaatiin taasifamaa tureen daldalli kontirobaandii tilmaama qarshii miliyoona 147 ol galii ta'uu danda'eera.

**Bariisaa: Damee fayyaatiin hoo du'aatii haadholiifi daa'immanii hir'isuuf maaltu hojjetamaa jira?**

**Obbo Ayyaalewu**: Hojiin hubannoo uumuu ekisteenshinii fayyaatiin buufataalee maratti kennamaa jira. Dhukkubootni daddarboo akka hintatamsaaneef hordoffiifi deeggarsi taasifamaa jira. Hanqina dhiyeessii qorichaa furuufis babal'isa manneen qorichaa hawaasaarratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira.

**Bariisaa: Ittifayyadamni inshuraansii fayyaa akka godina keessaniitti jiru maal fakkaata? hubannoon hawaasaa hoo hammam cimeera?**

**Obbo Ayyaalewu:** Gama ittifayyadama inshuraansii fayyaatiin hawaasni keenya faayidaafi miidhaasaa adda baasee argeera. Kan dursee itti makame baasii humnaa oliirraa of baraaruun tajaajila si'ataafi qulqullina qabu argataa jira. Warri duubatti hafanii turanis waljalaa ittimakamaa jiru. Tajaajilichi hawaasa keenya baasii hinmallerraa baraareera.

Ammas irratti hojjetamaa jira. ittifayyadama inshuraansii fayyaa babal'isuun hiyyeessi isa qabuun qixa tajaajila wal'aansa fayyaa si'ataafi qulqullina qabu akka argatu taasisuu danda'eera.

**Bariisaa: Dhaabbileen fayyaa gama ogeessota wal'aansaa qabaachuutiin sadarkaa akkamiirra jiru?**

**Obbo Ayyaalewu**: Dhugaa dubbachuuf hanqinni ogeessota wal'aansaa jira. Ta'us adeemsaan nifooyyessina yaada jedhu qabna. Inshuraansiin fayyaa keenya hojiirra kan oolu ogeessi wal'aansa kennu yoo jiraateedha. Hudhaan gama dhiyeessii qorichaafi hanqina ogeessotaatiin jiru dhimma furmaata argachuu qabuudha.

**Bariisaa: Dhimmoota hawaasa fayyadamoo taasisaniifi mootummaadhaan kallattiin itti kennamee irratti hojjetamaa jiran keessaa waldhabdee mana murtii aadaatiin furuu isa tokko. Hojmaanni kun akka godinaatti maalirra jira?**

**Obbo Ayyaalewu**: Akka godina keenyaatti aanaafi gandootatti tajaajilli mana murtii aadaan oldabarfataa (oliyyannoo) hojirra ooluun dhamaatee hawaasaa furaa jiru jechuun nidanda'ama.

Sochichi namoonni duudhaa ganamaasaaniitti akka deebi'an gochuu, ilaafi ilaameedhaan araara buusuun tokko mo'ataa kaan mo'atamaa kan itti ta'u osoo hintaane araarri gama lachaniinuu akka bu'u kan taasisuudha.

Hojmaanni kun qisaasa'ina yeroo, maallaqaafi dhamaatee kan maqse; duudhaafi gaaddisa caayaa aadaa kan gabbisu mana murtii idileerraa ba'aa ulfaataa kan hir'ise waan ta'eef mala filatamaa du'aatii xiqqeesseedha.

**Bariisaa: Godinni Harargee Bahaa gama bu'uuraalee misoomaatiin sadarkaa akkamiirra jira?**

**Obbo Ayyaalewu**: Bishaan, daandiin, ibsaan waantota misooma biyya tokkootiif murteessitoota ta'an keessaa isaan ijoodha. Dhiyeessiiwwan kunniin mootummaa qofaan waliin gahama jedhanii yaaduun waan danda'amu miti.

Tajaajilli ifaa hamma tokko jiraatus hawaasni ammallee gaaffii qaba, bishaan dhugaatiis fudhannee yoo ilaalle hudhaa dabalataa nuqoraa jiruudha; waliingahinsarrattis rakkoon waan jiruuf dhimma xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamuu qabuudha.

**Bariisaa: Ibsa bal'aa nuu kennitaniif galatoomaa.**

**Obbo Ayyaalewu:** Nutis karaa dheeraa deemtanii dhuftanii dhimmi hawaasa Godina Harargee Bahaa na ilaallata jettanii deeggarsa ogummaa taasistaniif isin galateeffanna.

# Ilaamee...

## “Waraanni isuma harkaa qabnu hir’isa malee waan haaraa nuuf ida’u tokkoyyuu hinqabu”

*- Abiyyi Ahmad(PhD)*



**Bayyanaa Ibraahimiin**

*Ministeraa Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) Kibxata darbe gaaffiilee miseensota Mana Marii Bakka Bu’oota Ummataarraa dhiyaataniifiif deebiifi ibsa bal’aa kennaniiru. Nutis deebiifi ibsa isaan keessumaa dhimmoota nageenyaafi isaan walqabsiisuun kennan akka ittaanutti qindeessinee dhiyeessineerra.*

**Dhimma nageenyaa**

Waraanni Oromiyaa lixaa keessattuu godinaalee Wallaggaa gara garaa keessatti adeemsifamaa ture naannawichaaf waan dabale tokkollee hinqabu. Garuu wantoota akka bu’uuraalee misoomaafi kanneen biroo tanaan dura turan hir’isuunsaa waan hinoolleedha.

Kana qofa osoo hintaane, waraanni Itoophiyaa kaabaa, naannoo Tigraayitti gaggeeffamaa tures Itoophiyaarraa waa hir’ise malee waan dabale tokkollee hinqabu. Kan naannoo Amaaraatti adeemsifamaa tureefi ammas ittijiru kunis waan hir’isu malee waan naannawichaaf dabalu tokkollee akka hinqabaanne hubachuun barbaachisaadha.

Kanaaf walitti bu’iinsaafi waraanarraa kisaaraafi hir’ina malee bu’aan argamu akka hinjirre namni kamuu hubachuu qaba. Kana waan ta’eefis dhimmoota gara garaarratti walitti bu’iinsaafi walwaraansaaf ariifachuurra tasgabbiidhaan ilaalanii dubbii jiru karaa nagaafi mariidhaan furuu shaakaluun murteessaa ta’a.

Sababoota garaa gartee siyaasaafi kanneen birootiif walitti bu’iinsiifi walwaraansi akka furmaata dhumaatti akka hinilaalamneefi dursi marii karaa nagaatiin taasifamuuf kennamuu akka qabu hubachiisuufi qabsiisuu keessatti immoo abbootiin amantii, jaarsoliin biyyaa, hayyootniifi dargaggootni gaheesaanii gumaachuu qabu.

Biyyattiin tasgabbii horattee akka ittifuftuuf nageenyi dhimma murteessaa ta’uu mootummaan waan sirriitti hubateef yeroo kamuu garaagartee uumamu karaa nagaafi mariidhaan furuuf yeroo hunda qophiidha.

Hurriin baay’ate jedhanii hinboraafatan. Sababnisaas hanga fedhe furdatus hurriin hurrima waan ta’eef. Wanti boraafatamu waan nama hirkisuu danda’u ta’uu qaba. Kanaaf abdiifi hawwii hintaane keessa galamee haala qabatamaa lafarra jiru diiguuf tattaafachuun badiin ala faayidaa tokkollee qaama kamiifuu argamsiisuu akka hindandeenye hubatamee, qaamotni kamuu gargaarateewwan dhimmoota adda addaarrattu uumamuu malan kamuu marii, araaraafi miira walhubannaatiin akka furamaniif yaaduufi hojjachuun barbaachisaa ta’a.

Nutis akka mootummaatti kan hawwinus ta’ee kan hojjannu haaluma amma kaasaa jiru kanarratti ejjannoo cimaa ta’e qabachuudhaani.

> **Biyyattiin tasgabbii horattee akka ittifuftuuf nageenyi dhimma murteessaa ta’uu mootummaan waan sirriitti hubateef yeroo kamuu garaagartee uumamu karaa nagaafi mariidhaan furuuf yeroo hunda qophiidha**

Biyyoota Afrikaa kamuu keessatti ummanni hanga ummata gaafa ayyaana Qillee kabajuuf Finfinneetti kabajuuf bahe baay’atu, hanga gaafa ayyaana Iidaafi Maskalaa kabajuuf iddoo tokkotti bahee ayyaanota kanniin rakkoo tokko malee kabaju hinjiru.

Baay’inni ummata miiliyoonota hedduutti lakka’amuu kun iddoo tokkotti bahee ayyaanota akkanaa kabajuun kan danda’ameef sababa nageenyi jiruufi. Osoo nageenyi jiraachuu baatee ummanni hangas baay’atu walitti bahee nagaan gara manasaatti galuun waan yaadamu hinturre.

Kana waan ta’eef yeroo ammaa Itoophiyaa keessa akka waan nageenyi tokkollee hinjirreetti olola odeeffamu amananii hafarsuun dhaabachuu qaba jennee amanna. Yeroo ammaa biyyattii keessa nageenyi jiraa? Gaaffii jedhuuf deebiinsaa eeyyeen jiraadha.

Haa ta’u malee garuu hanqinootni akka jiraniifi iddoowwan tokko tokkottis ta’e darbee darbee rakkoon boora’uu nageenyaa akka jiru amanuun barbaachisaadha. Waan hunda madaala qixaa irra kaa’anii qixa sirrii ta’een hubachuufi fudhachuun barbaachisaa ta’a.

**Gootummaa**

Wanti biraa ammoo ilaalchi gootummaadhaan walqabatee jirus sirrachuu qaba. Gootummaan yookiin jagnummaan waraana qofaan madaalamuu hinqabu. Namni tokko hojii nageenya waaraa mirkaneessuuf hojjateen goota ta’uu nidanda’a, kaan immoo hojii misoomaa dinagdee biyyattii geeddaruun goota ta’uu danda’a. Qulqullina naannawaa eegsisuudhaan goota ta’uu ni danda’a. Kanaaf gootummaan weeddisaa kilaashii baatanii fiiguu qofa akka hintaane hubachuunis barbaachisaadha.

**Aangoon kan argamu…**

Dabalataan aangoon kan argamuu danda’u karaa humnaafi waraanaatiin qofa akka ta’etti yaaduunis dhaabachuu qaba. Sababnisaas addunyaa amma jirru keessatti aangoon mootummaa ta’anii biyya hoogganuuf nama gargaaru karaa humnaatiin qofa waan danda’amu akka hintaaneedha.

**Olaantummaa seeraa mirkaneessuun cimee ittifufa**

Gama keenyaan yeroo ittaanuuf wantoota guguddoo afur niraawwanna. Isaanis; hojiin olaantummaa seeraa mirkaneessuu cimee ittifufa. Asirratti nu waraanaati “Harka keessan maradhaatii taa’aa” yaada jedhu hinfudhannu, irrattis walii hingallu. Kanaaf mootummaan seeraan filamee aangoo irra jiru waan taaneef hanga humni keenya nuu eeyyameen hojii olaantummaa seeraa kabachiisuuf eegalame cimsinee ittifufna jechuudha.

Yeroo olaantummaa seeraa mirkaneessuuf hojjannu kamuu garuu, tokko tokkoo daqiiqaawwanii hojiiwwan kana ittiin raawwannu keessatti balbala keenya marii nagaatiif banaa taasisuudhaani. Mariidhaaf, nagaadhaaf yeroo hundaa balballi keenya banaadha. Hojiin olaantummaa seeraa kabachiisuuf raawwannu marii nageenyaatiif carraa kennuudhaan ta’uu waan qabuuf kana goona.

Yeroo ammaa rakkoon biyyattii tana keessa jiru rakkoo hoji dhabdummaati. Namootni hedduu kan gara hojii nagaa booreessuutti galaniif irra jireessaan sababa gahaa qabsoof isaan kakaasu qabatanii osoo hintaane, hojidhabdoota waan ta’aniif nama ugguranii maallaqa itti gaafatu.

Kanaaf furmaanni gama kanaan dhimma kana hundeerraa furuuf dhihaachuu qabus dargaggootaaf carraa hojii bal’aa uumuudhaan ta’uu qaba. Kanaafis mootummaan yeroo ammaa xiyyeeffannoo guddaadhaan dhimma kanarratti hojjachaa jira. Kana cimsanii ittifufuun garuu barbaachisaa ta’a.

Dhimmootni kanaan ala jiran bal’inaan marii biyyaalessaa keessatti kan hammatamaniifi gamuma sanaan furmaata waaraa akka ergatantu yaadama.

**Sochii Shaneetiin walqabatee**

Shaneen qabsoodhaaf gara bosonaatti kan gale waadaan waliigaltee Asmaraatti taasifamee ture gama mootummaatiin guutamuufii dhabee ganameera yoo ta’e, ummanni inni siifan qabsaa’a jedhuun sun mirga waan dhabeef, waan misooma dhabeef, nageenya dhabeef yoo ta’e, ummatuma siifan qabsaa’a jedhaniin sana ugguraa, misoomni akka hinhojjatamneef danqaa ta’aafii saamicha irratti raawwachaa akkamitti ummataafan qabsaa’a jechuun danda’ama? Kanaaf adeemsi qabsoo bifa kanaan adeemu ummata isaan isiniif qabsoofna jedhan, Oromoodhaaf jijjiirama tokkollee kan fiduu danda’uu miti.

Yeroo ammaatti hojii guddaan qaamni kun irratti bobba’ee jiru namoota gara garaa ugguruudhaan maallaqa gaafachuu, kankolaattota daandiirratti gubuufi misoomni bal’inaan ummatichaaf akka hinhojjatamne danquurratti xiyyeeffatanii socho’aa jiru.

Haalli akkanaa immoo ulaagaa kamiinuu qabsoo kaayyoo tokko galmaan gahachuuf taasifamu ta’uu hindanda’u. Sochiin akkanaa badii guddaadha. Osoo aangoo fudhaa jedhamee itti kennameeyyuu miira kamiin ummata ugguraa turan, saamaafi ajjeesaa turaniin sin bulcha jechuu danda’u? Kana waan ta’eefis gara miira ofiitti deebi’anii yaaduufi garaagaratee jiru kamuu waraana osoo hintaane, marii karaa nagaatiif dursa kennanii hojjachuun hunda caalaa filatamaa ta’uu hubachuun barbaachisaadha.

Ummata Oromootiifis kan barbaachisu yaada dabalataafi mo’ataa akkasumas filmaata qabu dhiheessuudhaan beekamtiifi sagalee ummataa filannoodhaan argatanii akka ummanni isaan filatu yoo taasisuu danda’an qofa.

Yaada filmaataa qabaniin gara ummataa dhufanii sagalee ummataa argachuudhaan karaa gara aangootti ittiin dhufuu danda’an dhiisanii qabsoo hidhannoo filachuunsaanii hanga ammaatti bu’aa inni buuseef hubachuu qabu.

Karaa mariifi araaraatiin dubbii fixuun murtee Shanee kan barbaadu yemmuu ta’u, kanneen nu keessa taa’anii abdii Shaneefi qaamolee iddoowwan gara garaatti qabsoo hidhannootti jiran waliin hojjachaafi abdii horachaa jiranis asuma keessa jiru.

# Qarreefi Qeerroo

# Dorgommii Haroo Wancii: Bashannansiisaa ispoorteessitoota ciccimoo horachuu jalqabe

Bayyanaa Ibraahimiin



Haroo guyyaa tokkotti yeroo sadiif bifa jijjiirratu ykn guyyaa tokkotti bifa sadii horatu. Yeroo ganamaa ykn obboroo carallaan biiftuu irra bu'e akka calalaqu ta'uudhaan bifa miidhagaafi hawwataa uummatu. Yemmuu lafti guyya'ee biiftuun sirrii sammuu gubbaa ooltutti immoo cuquliisa ta'ee bifa samiin qabdu horatu. Yemmuu aduun gara iddoo bultiisheetti godaantuufi lafti galgalaa'e immoo halluu magariisa horachuudhaan bifa dachee biqiloota naannicha marsanii jiranii fudhatu; haroo Wancii.

Hara kana keessa bineensonni galaana keessa jiran kanneen akka Naachaa, Jawweefi Qurxummii baay'inaan hinjiraatan. Sababa kanaanis harichi haroowwan biyyattiin qabdu keessaa isa qulqulluu ta'ee sadarkaa 1ffaa qabateera. Sababni guddaan haricha keessa akka bineensonni garaagaraa hinjiraanne taasise ho'inni/qorri harichaa digrii sentigireedii 15 waan ta'eef ta'uutu himama.

Waanti Hara kana adda taasisu inni biraa walakkaa harichaatii Gadaamii/bataskaana durii kan Carqoos jedhamu jiraachuusaa yemmuu ta'u, Carqoos dabalatee naannawa Haroo kanaa bataskaanota shantu jiru.

Iddoon uumamaan badhaadheefi yeroo dhihoo as xiyyeeffannoo mootummaa argachuudhaan erga misoomee booda sagantaawwan gara garaa kanneen akka dorgommii fiigichaafi kanneen biraa achitti adeemsifamaa kan jiran yeroo ta'u, dhiheenya kanas dorgommiin Biskileetii Oromiyaa 1ffaan korniyaawwan lamaaniin fageenya kiiloomeetira adda addaatiin gaggeeffameera.

Naannoon uumamaan akkasitti bareedu ijaarsa daandiifi bu'uraalee birootiin guuttamuusaatiin naannawichi bashannana qofaaf osoo hintaane dorgommiiwwan gara garaatiifis mijataa ta'uu dorgommii dubartootaa kiiloomeetira 10 tan injifatte Maartaa Kaasaahun nidubbatti.

Dorgommii biskileetii sadarkaa godinashee Shawaa Kibba Lixaatti yeroo adda addaatti qophaa'u hirmaachuun ala dorgommiiwwan sadarkaa Oromiyaafi guguddoorratti hirmaachuun isheedhaaf kan jalqabaa ta'uu kan himtu Maartaan, hirmaannaafi injifannoo jalqabaatiin dachee bareedduu Wanciitti injifachuushiitiin gammachuu olaanaa kan qabdu ta'uu himti.

Akka yaadasheetti: Hanga ammaatti shaakalaafis ta'e dorgommiiwwanirratti hirmaachuu malee kan mataashii hinqabdu turte. "Dorgommii haroo Wancii kana injifachuu kootiin garuu badhaasa waancaafi maallaqaatiin dabalata biskileetii badhaafamuun koo daran na gammachiiseera" jetti.

"Badhaasa biskileetii argachuunkoo hojii gara fuula duraa yaaddoo tokko malee osoo nama tokkos hin kadhanne sa'aatiin barbaadetti akkan shaakalu kan na dandeessisu waan ta'eef, dorgommiiwwan kana booda sadarkaalee guguddaarratti qophaa'anirratti hirmaachuufis hamileefi kaka'umsa natti hora."

"Kanaan dura biskileetii namarraa ergifadhee waanin shaakaluuf guyyaa ani barbaadetti osoo hintaane, guyyaa abbaan biskileetichaa natti kennen shaakala. Kun immoo dorgommiiwwaniif shaakala barbaachisu taasisuudhaan bu'aa barbaachisu akka hinfinneef gufuu ta'aa waan tureef badhaasota maallaqaafi waancaa caalaa biskileetii badhaafamuun koo hedduu na gammachiiseera" jetti.

Dorgommii qofaaf osoo hintaane daawwannaadhaafuu qarqara haroo Wancii dhufuun miira namaa kan haaroomsu ta'uu kan himtu immoo dorgommii biskileetii dubartootaa fageenya kiiloomeetira 30 kan injifatte Yabsiraa Kaasahun, injifachuu ishii qofaaf osoo hintaane sababa dorgommii kanaatiif carraa iddoo sana daawwachuu argachuusheetiifis carra qabeettii ta'uushee dubbatti.

Kanaan dura dorgommii biskileetiitiin muuxannoo gahaa kan hin qabne ta'uushii kan himtu Magaalaa Shaggar bakka buutee hirmaachuudhaan kan injifatte Yabsiraan, dorgommii kanaafi injifannoo asitti argame kanaan garuu hawwiishee gara fuula duraa jiruuf abdii gaarii akka horattu ishii taasisuu himti.

Akka yaadasheetti; Daandiiwwan qarqara haroo Wanciitti ijaaraman haala gaariidhaafi qulqullinaan kan ijaaraman waan ta'aniif ariitii biskileetiitiif hedduu mijataadha. Haalli qilleensaa naannawa kana jirus qabbanaa'aa waan ta'eef ariitii biskileetiitiif kan nama hin dadhabsiisneefi humna namaa qusatudha. Kana waan ta'eef, haalota mijataa akkanaarratti dorgomuun mataansaatuu daran kan nama bashannansiisuudha.

"Haalli teessuma lafaafi daandiin dorgommii biskileetii irratti adeemsifame iddoowwan tokko tokkotti lafa irraan gadee kan qabu waan ta'eef yemmuu saffisan si'aayinni biraa waan daran dabaluuf balaa gara garaatiifis nama saaxiluu mala.

"Kanuma hubachuudhaan warri dorgomsiisus konkolaataadhaan fuula dura keenya imaluudhaan yemmuu bakka irraan gadee geenyutti akka of eeggannu nutti himaafi haala waliigalaa fuuladura keenya jirurratti hubannoo nuu kennaa adeemuunsaanii dorgommichi balaa tokko ala akka xumuramuuf carraa uumeera. Atileetiksii qofaan osoo hintaane, gama biskileetiitiinis biyyattii maqaa waamsisuuf cimnee hojjachuu akka qabnutu natti dhaga'ama" jetti.

Magaalaa haaraan dhiheenya hundeeffame Shaggar dorgommii biskileetii dubartootaa fiigicha kiiloomeetira 30 kanaan sadarkaalee tokkoffaa hanga sadaffaatti jiran walitti aansanii injifachuudhaan badhaasa maallaqaafi waancaas argachuu danda'anii jiru.

Deeggarsi bulchiinsa magaalaasaanii gahaa osoo hinta'iniin kaka'uumsa mataasaaniitiin dorgommii biskileetii Oromiyaa 1ffaa irratti hirmaachuuf carraa argachuusaatti hedduu gammaduu kan himu immoo Magaalaa Jimmaarraa dorgommicharratti kan hirmaate Abbaay Taganyi. Sababa hanqina biskileetii gahumsa qabu dhabuutiin biskileetii moofa'eeen hirmaatee sadarkaa keessa galee injifachuu akka hindandeenye dubbata.

Innis, "Biskileetii moofa'een dorgomuunsaa akkan hin injifanneef sababa tokko ta'us, hordoffiifi deeggarsi bulchiinsi magaalaas ta'e waajjira ispoortii magaalattiirraa argachaa jirru daran gadaanaa ta'uun mo'achuu dhabuu kootiif shoora olaanaa bahateera jechuun ni danda'ama.

"Bulchiinsi magaalaa Jimmaa waajjirri ispoortiis yeroma dorgommiin wayii jiraatu bakkawwan gara garaatii walitti nu qaba malee bifa dhaabbii ta'een walitti qabamnee shaakala cimaa akka taasifnuuf deeggarsa barbaachisu nuu kennaa hinjiran.

Gara fuula duraatti nutis dogoggoroota akka biskileetii moofaa ta'een dorgomuu sirreeffannee bulchiinsi magaalattiis xiyyeeffannoo barbaachisu nuu kennee waliin hojjannee gara injifannootti deebi'uuf kutannoo cimaa qabna" jedha.

Dorgommichaan sababa garaa garaatiin injifachuuf carraa argachuu baatus dorgommii iddoo bareedaa sanatti gaggeeffamerratti hirmaachuunsaa kan isa gammachiisu ta'uu kan himu Abbaay, carraa kanaan lafa namootni biyya keessaafi alaa dhufanii daawwachuu barbaadan kana yeroo biraas deebi'ee hiriyyootasaa waliin itti bashannanuuf fedhii akka qabu dubbata.

Haroon Wancii Naannoo Oromiyaatti Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Wancii keessatti argama. Ummanni naannawichaas, "Oromoo Cabboo" jedhamuun beekama, Hara kanarrattis ummatichi irreefannaaf fayyadamaa ture.

Maqaa bakkichaas Haroo hara Liiban jedhama ture. Argamni hara kanaa magaalaa guddoo godinichaa, Walisorraa gara kaabaatti kiiloomeetira 38 fagaatee argama. Haalli qilleensaa naannawa sanaa baddaa jedhamee beekama. Sababa qilleensi hararraa bubbisuuf naannoon sun ni qorra. Olka'iinsi bakkichaas naannawa meetira 2600 qixa sirrii galaanaatii ol akka ta'etu himama.

Haroon hara Wancii kan uumame dhohiinsa volkaanootiini jedhama. Haalli teessuma harichaa tabba/tulluun kan marfame, bal'ina lafaa heektara 560 ol kan uwwiseefi gadifageenya meetira 9-78 kan qabuudha. Qarqara hara kanaarratti muka biftisaa gugurraacha ta'e kan utubaa mana citaa fakkaatutu fiixeensaa mul'ata.

Wanci 'ganda turizimii filatamtuu' addunyaa ALA kan bara 2021 ta'uun Jaarmiyaa Turizimii Dhaabbata Mootummoota Walta'anii ('UNWTO')n kan filatamte yemmuu taatu, 'UNWTO'n yaa'ii waggaa Ispeen, magaalaa Maadiriiditti taa'een 'gandoota turizimii filatamoo' 44 biyyoota addunyaa gara garaarra filatamaniif beekamtii kennee ture.

Gandoota turizimii filatamanii beekamtiin kennameef keessaa tokko ta'uun kan filatamte Wanciin, gandoota turizimii 174 kan biyyoota 75 irraa kaadhimaman keessaa gandootiin 44 biyyoota 35 irraa kan filataman.

Wanci dabalatee Afrikaarraa gandoonni sadii kan filataman yoo ta'u, tokko Keeniyaa tokko ammoo Ruwaandaarraa filatamuunsaanii ni yaadatama.

# 'Gifaataa': Ayyaana bara haaraa saba Walaayittaafi sirna araaraa isaan walqabatee adeemsifamu

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Sabni kamuu afaan, aadaa, duudhaa, seenaafi hambaalee aadaa ittiin beekamu qaba. Barreeffamni kun aadafi duudhaa sabni Walaayittaa ittiin beekamu keessaa isaan ijoo ta'anirratti xiyyeeffata.

Ittigaafatamaa Qajeelcha Aadaafi Turizimii Godina Walaayittaa Obbo Tashoomaa Habtee dhiyeenya kana garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti akka himanitti, sabni Walaayittaa uffannaa aadaa ittiin beekamu qaba. Sabni kun ragada aadaafi meeshaalee muuziqaa ittiin beekamus qaba. Sabni Walaayittaa jijjiirraa bara haaraa 'Giifaataa' jedhamu kan dhuunfaasaa qaba. Ayyaanni bara haaraa kun waggaa waggaan haala ho'aadhaan kabajama. Sabni kun foon diimina barbaree 'Daaxxaa'n nyaachuudhaan beekama jedhu.

"Gifaataan' ayyaana bara haaraa waggaa waggaan Fulbaana keessa saba Walaayittaa biratti haala ho'aadhaan kabajamu ta'uu himanii, ayyaanichi utuu hinkabajamnin dura namoonni wallolan walitti araaramu.

Akka aadaa saba Walaayittaatti idaa baatanii waggaa haaraatti hince'an. Kanaafuu ayyaanichaan dura sirni jaarsummaafi araaraa ni raawwatama. Sirni araaraa abbootii keenyarraa dhaalle ammayyuu jaarsolii biyyaatiin raawwatamaa jira. Sirna Dubbushaa kanarratti jaarsoliin namoota wallolan walitti araarsanii, nagaa buusanii eebbisu. Walaayittaan saba nageenyaafi hojii jaalatuudha.


Sirni Dubbushaa jaarsolii biyyaatiin addababa'iitti raawwatama. Sirnicharratti namoonni wallolan ni araaramu. Sirnichi jala bultii bara haaraatti kan raawwatamu yoo ta'u, waa'een dhimma biyyaas sirnicharratti ni mari'atama. Sirni araaraafi marii kun jaarsolii biyyaatiin kan geggeeffamu ta'uus himaniiru.

Aadaafi duudhaan sabichaa eegameefi kunuunfamee dhaloota ittaanutti akka ce'uuf Qajeelchi Aadaafi Turizimii godinichaa keessumaa dargaggootarratti hojiilee bal'aa raawwataa jiraachuu himanii, yeroo dhiyoo as dargaggoota biratti dadammaqiinsi uumameera. Dargaggoonni Walaayittaa gama uffannaa aadaafi ragada aadaa sabichaa akkasumas aadaafi duudhaas eeguutiin hirmaannaa guddaa taasisaa jiru. Qajeelchi gurmaa'ina dargaggootaa gara garaa waliin ta'uun aadaafi duudhaa sabichaa eeguu, kunuunsuufi beeksisuuf hojiilee gara garaa raawwachaa jiraachuus himaniiru.

Qajeelchichi aadaan sabichaa ammayyummaan utuu hinfaalamiin akkasumas aadaa biraatiin hinliqimfamin dhalootaa dhalootatti akka darbuuf caasaalee dargaggootaa 23 hirmaachisuun irratti hojjechaa jiraachuu kan ibsan Obbo Tashoomaan, Yunivarsitii Walaayittaa Sooddoo waliinis dhimmicharratti hojjechaa jiraachuu eeraniiru. Afaan sabichaa guddisuuf hiika jechootaafi seerlugaaa yunivarsiticha waliin kan maxxansiisan ta'uus eeraniiru.

Qajeelchichi yunivarsiticha, Biiroo Aaadaafi Turizimii Naannoo Itoophiyaa Kibbaafi Bulchiinsa Hambaalee Itoophiyaa waliin ta'uun Ayyaana bara haaraa saba Walaayittaa 'Giifaataa' jedhamu 'UNESCO'tti galmeessisuuf hojjechaa jiraachuu kan himan Obbo Tashoomaan, hojichi xumuramaa jiraachuufi 'Gifaataan' dhiyeenyatti galmaa'uuf dabaree eeggachaa jiraachuu dubbatu.


'Gifaataan' hambaa kiliyaa ykn hinqaqqabatamne ta'uu himanii, yunivarsiticha waliin hambaa qaqqabatamu 'Amaadoo Kellaa' irratti qorannoo adeemsisaa jiraachuu ibsu. Yunivarsitichi hojiilee waajjirichi raawwachaa



Suurrii: Haddush Abrahaatiin

*Obbo Tashoomaa Habtee*

> *Akka aadaa saba Walaayittaatti idaa baatanii waggaa haaraatti hince'an. Kanaafuu ayyaanichaan dura sirni jaarsummaafi araaraa ni raawwatama*



jiru hedduurratti hirmaachaa jiraachuufi gara fuulduraattis hojii caalu kan waliin hojjetan ta'uu eeru.

'Gifaataan' Ayyaana bara Haaraa sabni Walaayittaa Fulbaana keessa kabajuufi jalabultiinsaa Waxabajjii irraa eegalee qophiin taasifama. Guyyaa ayyaanichi irra oolu abbootiin urjii, ji'aafi biiftuu ilaaluudhaan murteessu.

Hambaaleen aadaa saba Walaayittaa godambaa godinichaas ta'e Yunivarsitii Walaaayittaa Sooddootti qindaa'anii eegamaafi kunuunfamaa jiraachuu kan dubbatan, Obbo Tashoomaan, hambaaleen sabichaa bara Mootii Kaawo Xoonaa irraa eegalanii jiran walitti qabamanii Godambaa keessatti eegamaa jiraachuus himaniiru.

Teessoon mootii kanaafi maallaqni sabichi ittiin bitaafi gurguraa ture akkasumas uffannaafi meeshaaleen aadaa sabichaa gara garaa godambichatti kan argaman ta'uufi yeroo ammaa godambichi haareffamaa jiraachuu eeraniiru.

Aadaa, duudhaafi hambaalee aadaafi seenaa keenya eeggachuufi kunuunfachuu qabna kan jedhan Obbo Tashoomaan, dameen turizimii utubaawwan guddina dinagdee biyyaa shanan keessaa tokko waan ta'eef qaamolee hundaan qindoominaan irratti hojjetamuu akka qabus dubbataniiru.

Qajeelcha Aadaafi Turizimii Godinichaatti Dursaa Garee Adeemsa Hojii Aadaa, Seenaafi Hambaa Obbo Adaanaa Ayizaa akka jedhanitti, garichi aadaa, seenaafi hambaalee sabichaa eeguu, kunuunsuufi beeksisuu akkasumas afaan sabichaa guddisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Aadaa, duudhaafi hambaalee aadaa sabichaa walitti qabuun eeguun, kunuunsuufi beeksisuun dhaloota dhufutti akka darbu taasisuun hojiilee ijoo garichi raawwataa jiru ta'uu himu.

Garichi sabni Walaayittaa aadaafi duudhaasaa sirriitti beekee akka eeggatu taasisuurratti hojii bal'aa raawwachaa jiraachuus himanii, baroota dheeraaf aadaa, duudhaafi seenaan sabichaa xiyyeeffannaa barbaachisu argachaa waan hinturreef amma xiyyeeffannaan irratti hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Aadaa, duudhaa, seenaafi hambaalee aadaa sabcihaa qorachuun, eeguun, kunuunsuufi beeksisuun dhalootatti akka darbu taasisuun hojiilee gurguddoo garichi raawwachaa jiru ta'uu kan himan Obbo Adaanaan, seenaa sabichaa qorachuun, maxxansuufi hawaasa biraan ga'uunis hojii garichaan raawwatamaa jiru ta'uu dubbatu.

Hojii armaan olitti eeraman Yunivarsitii Walaayittaa Sooddoo waliin hojjechaa jiraachuu himanii, yunivarsitichi qorannoowwan aadaafi seenaa sabichaa joornaalota addunyaarratti maxxanfaman hedduu kan taasise ta'uus eeraniiru.

Sabni Walaayittaa aadaafi duudhaa ittiin beekamuufi beekumsawwan xabboo hedduu qaba. Sabichi hambaalee kiliyaa ittiin beekamu kan akka Ayyaana Bara Haaraa 'Giifaataa' qaba. Sabichi kaalaandarii dhuunfaasaa urjiifi ji'a ilaaluun bara ittiin lakkaa'u qaba. Sabichi ogummaa ijaarsa manaa ittiin beekamus ni qaba. Sabni Walaayittaa uffannaa aadaa, sirbaafi ragada aadaa ittiin beekamuufi sabootaafi sablammoota biroorraa adda isa taasisan kan qabu ta'uu dubbatu.

Beekumsa xabboo sabni Walaayittaa qabu keessaa tokko wal'aansa aadaafi qoricha aadaa qopheessuudha kan jedhan Obbo Adaanaan, sabichi ogummaa wal'aansa dhidhiibbaa aadaatiinis beekamaadha. Sabichi sirna jaarsummaa ittiin beekamuu kan qabu ta'uufi garichi aadaa, duudhaa, seenaafi beekumsa xabboo sabichi qabu walitti qabee eeguufi kunuunsuun dhaloota dhufutti dabarsuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Sabni walaayittaa Sirna Jaarsummaa 'Awaasiyaa'fi 'Guuteraa' jedhaman qaba. 'Awaasiyaa' jedhuun dudubbachuu jechuudha. Sirni kun 'Dubbushaa' irratti adeemsifama. 'Guuteraa' jechuun ammoo iddoo itti ummanni itti walittiqabamu jechuudha. Sirni jaarsummaa kun bakka mukni guddaan gaaddisa qabu jirutti kan geggeeffamu yoo ta'u, sirnicharratti namoonni wallolan dhiyaatanii jaarsolii biyyaatiin araaramu. Namni lubbuun harkatti badellee sirnicharratti araarama.

Sirnicharratti qarri dheeboo waljala qaxxaamuree kaa'ama. Namoonni walitti araaraman harka walqabatanii qara eeboo sanarra akka darban taasifama. Kana jechuun ammaan booda eeboo walitti aggaamuun hinjiru jechuudha. Siricharratti sa'i maseente ni qalamti. Kun ammoo dubbiin namoota walitti araaraman gidduu ture maseeneera jechuutti hiikama. Isa booda kormi qalamee naatama; bordeenis dhugama. Sirna kanaan namoota wallolan gidduutti araara dhugaatu ta'a. Sirni araaraa kun jibbiinsi dhalootaa dhalootatti akka hindabarre taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qaba jechuun ibsu.

Jaarsummaan sirna araaraa jibbiinsi dhalootaa dhalootatti akka hinceene taasisuudha. Abbaan seerummaa ammayyaa garuu haqa baasa malee araara dhugaa hinfidu. Namni nama ajjeesee akka murtee abbaa seeraa ammayyaatti waggooa 20fi isaa ol hidhamee ba'us, namni firrisaa jalaa du'e haaloo qabatee dhalaa dhalasaatti dabarsa. Sanyiiwwan lamaan gidduutti gaa'elli hinraawwatu. Jaarsummaan aadaa hariiroo hawaasaa cimsuu, araara dhugaa buusuu, tokkummaa hawaasaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba jedhu.

Saba Walaayittaa biratti jaarsummaan ammayyuu duudhaa daran cimaadha. Sirnichii abbootii amantiifi jaarsolii biyyaatiin adeemsifamaa jira. Jaarsummaan abbaa seerummaa ammayyaatiifiyyuu bu'uura waan ta'eef ammayyuu cimee akka ittifufuuf hojjechaa jiraachuu ibsu.

Ammayyummaan jiruufi jireenya dhala namaa daran jijjiireera kan jedhan Obbo Adaanaan, gama kaaniin aadaafi duudhaa hawaasaarratti dhiibbaa guddaa geessiseera. Saba kamuu bira yoo deemne aadaafi duudhaa ganamaa akka jrutti argachuu hindandeenyu. 'Ammayyummaan' keessumaa aadaa hawaasa magaalaa daran miidhaa jira.

Magaalaan bakka sabooniifi sablammoonni afaan, aadaa, amantiifi eenyummaa gara garaa qaban keessa jiraatan waan ta'eef aadaa walmakaafi kan baadiyyaarra adda ta'etu uumama. Ummanni baadiyyaa jiraatu ammoo aadaa magaalaatti uumame akka ammayyummaatti ilaalee fudhata. Aadaafi duudhaan ganamaa haala kanaan baadiyyaattis ta'e magaalaatti faalamaafi badaa jira jedhu.

Dhaloonni ammaa waantota biyya alaatii dhufan hunda akka ammayyummaatti ykn qaroominaatti fudhachuun aadaafi duudhaasaa dhiisee duukaa jiga. Kanaafuu aadaafi duudhaa keenya ganamaa eeggachuurratti cimnee hojjechuu, kunuunsinee dhalootaa dhalootatti dabarsuu qabna jedhu.

Jaarsummaan sirna guddaa waldhabdee furuun araara dhugaa buusu, tokkummaa ummataa cimsuufi ijaarsa ummataa keessatti iddoo olaanaa qabu ta'uus himanii, sirni kun akka hinquucarreef ykn hinbanneef hunduu xiyyeeffannaa olaanaadhaan irratti hojjachuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Yeroo ammaa jaarsummaan mootummaa birattis fudhatama argatee tajaajila kennaa jiraachuu eeranii, jaarsummaan sadarkaa sabaatti qofa utuu hintaane sadarkuma biyyaattuu xiyyeeffannaa argatee hojiirra oolaa jiraachuu dubbatu. Abbootiin amantiis barsiisa Wangeelaafi Quraanaarratti hundaa'uudhaan kan wallole waan walitti araarsaniifi ummanni bal'aanis isaan waan dhaga'uuf hojii jaarsummaa keessatti gahee guddaa irra eegamu bahachuu akka qaban gaafataniiru.

# Abbaa Sa'aa

## "Maallaqni baankii taa'us qarshii tiriliyoona 1.2 qaqqabeera"

*- Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)*



**Charinnat Hundeessaatiin**

Ministirri Muummee Mootummaa RFDI, Doktar Abiyyi Ahmad Kibxata darbe gaaffiilee adda addaa miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataarraa isaaniif dhiyaataniif deebiifi ibsa bal'aa kennaniiru. nutis deebiifi ibsa isaan dhimmoota dinagdeedhaan walqabsiisuun kennan keessaa kanneen qabxiilee ijoodha jennee yaadne akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineerra.

**Qaala'iinsa gatii**

Qaala'insa gatii tasgabbeessuuf mootummaan qormaatilee garagaraa keessatti hojii jajjabeessaa hojjateera. Qaala'iinsi gatii akkuma addunyaattiyyuu dhimma yaaddoo ta'eedha. Itoophiyaan qormaatilee gara garaa dandamachuun biyya guddina saffisaa galmeessaa jiran keessa tokko jedhan.

Qaala'insa gatii tasgabbeessuuf hojiiwwan garagaraa hojjatamaniiru. Kanneen keessaa omisha dabaluun isa jalqabaati.

Omisha qamadiifi ruuziin hojii boonsaan hojjatameera. Doolaara miiliyoona 700-800 baasuun qamadii alaa galchuun seenaa ta'eera.

Omisha alaa galu kan biyyaa keessaatiin bakka buusuufi sosochii Itoophiyaan haa omishtu jedhuun dhiyeessii omishaa dabaluuf hojiin hojjatame bu'aa qabeessadha. Qaala'iinsi Itoophiyaas harka 35 irraa gara 28tti gadii bu'eera. Itoophiyaan biyyoota addunyaa guddina saffisaa galmeessisaa jiran keessaa tokko. Itoophiyaan baranas guddina harka 7.9 ni galmeessisti jedhamee eegama.

**Ongee**

Mootummaan ongee mudate ittisuuf qarshii biliyoona 14 baasee deeggarsa namoomaa gochaa jira. Ongeen mudate lubbuu namaarratti miidhaa akka hinqaqqabsiifneef mootummaan bajata projektootaaf qabate gara kanatti naannessuun kan hojjetu ta'a.

**Idaa**

Injifannoowwan mootummaan jijjiiramaa ittiin boonu keessaa tokko hir'isa dhiibbaa idaati. Waggoota shanan darbanitti mootummaan liqii komeeshaalii akaakuu kamuu hinfudhanne. Faallaasaatiin bara 2011 hanga 2015tti Itoophiyaan idaa doolaara biliyoona 9.9 kanfaluu dandeesseetti.

Waggoota shan dura kuufamni Omisha Waliigalaa Biyyaalessaa (GDP) keessaa idaan alaa harka 32 ture. Kana gara dhibbantaa 17ti gadibuusuun danda'ameera. Fedhiin keenya ijoon 10 gadi gochuudha. Gama kanaan odeeffannoon Itoophiyaan boondii Yuuroo kanfaluu hindandeenye jedhamee hafarfamu dhugaarraa kan fagaateedha.

**Carraa hojii invastimantii**

Ji'oota jahan darbanitti lammiilee miliyoona tokkoof carraan hojii banameera. Lammiileen kuma 150 ta'aniif ammoo carraan hojii biyya alaa mijaa'eera. Gama invastimantiitiinis doolaara biliyoona 1.5 hawwachuun danda'ameera.

**Galii biyya keessaa**

Ji'oota jahan darbanitti sadarkaa biyyaatti galii qarshii biliyoona 265 sassaabuun danda'ameera. Kunis karoora keessaa raawwii harka 98 qaba. Garuu omisha waliigalaa Itoophiyaan qabdu wajjin walbira qabamee yoo ilaalame galii hanga maluuf sassaabaa hinjirtu. Yeroo ittaanutti sirna sassaabbii galii keenyaa ammayyeessuudhaan galii fooyya'aa walitti qabuu qabna.

**Guddina biyyaalessaa ilaalchisee**

Itoophiyaan biyyoota addunyaa guddina si'aayaa galmeessisaa jiran keessaa tokko. Barana guddina dhibbantaa 7.9tu eegama. Keessumaa damee qonnaatiin hojii daran bu'aaqabeessa ta'e raawwatameera. Fooyyessiiwwan imaammata fiisikaalaafi moonitariingiirratti taasifamanis jijjiirama olaanaa galmeessisaa jiru.

**Dhiyeessii liqii**

Ji'oota ja'an darbanitti liqiin qarshii biliyoona 170 olii kennameera. Kana keessaa sektara dhuunfaaf kan kenname %83. Maallaqni baankii taa'us qarshii tiriliyoona 1.2 qaqqabeera. Kunis cabiinsa damicharra jiru kan fureedha.

## Hojiilee misoomaafi omisha qamadii bonaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti adeemsifamaa jiran keessaa

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Godinni Shawaa Kibba Lixaa godinaalee Oromiyaa 21 keessaa tokko yoo ta'u, godinichi aanaalee 12, gandoota 316fi baay'ina ummataa miliyoona 1.5 qaba. Waliso magaalaa guddoo godinichaa yoo taatu, Finfinneerraa kiilomeetira 114 fagaattee argamti.


Ittigaafatamaan waajjira bulchiinsa godinichaa Obbo Tolasaa Tarrafaa gaafdeebii dhiyeenya kana garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, godinichatti hojiileen misoomaafi nageenya mirkaneessuu haala gaariidhaan adeemsifamaa jiru.

Rakkoo nageenyaa darbee darbee godinichatti mul'atu furuuf hoggantoonniifi hawaasni qaamolee nageenyaa waliin ta'uun hojjechaa waan jiraniif hojiileen misooma aanaalee godinichaa hundatti haala gaariin adeemsifamaa jiru. Godinichatti hojiileen misoomaa sababa rakkoo nageenyaatiin addaan citanis kan hinjirre ta'uu himaniiru.

Barana hojiin ijaarsa pirojektota misoomaa 235 godinichatti raawwatamaa jiraachuu himanii, gamoon waajjira bulchiinsa godinichaa abbaa darbii shanii qarshii miliyoona 307n ijaarsisaa eegale pirojektoota godinichatti ijaaramaa jiran keessaa isa tokko ta'uu , hojiin ijaarsa pirojektootaa bara darberraa baranatti ce'an jiraachuufi kan bara dhufutti ce'anis kan jiran ta'uu himaniiru.



*Obbo Tolasaa Tarrafaa*



*Obbo Lataa Hurrumaa*

Manneen barnootaa oolmaa daa'immanii hanga sadarkaa 2ffaatti jiran 450 ol godinicha keessa jiraachuu himanii, manneen barnootaa kunneen yeroo ammaa barattootta kuma 309 simatanii barsiisaa jiru. Hojiin qulqullina barnootaa mirkaneessuus kallattii taa'e hordofee raawwatamaa jiraachuus eeraniiru.

Barattoota magaalaafi baadiyyaa walfakkeessuuf manni barumsaa bu'uura borii manneen barnootaa hunda keessatti ijaaramaniiru kan jedhan Obbo Tolasaan, kun barattoonni magaalaas ta'e baadiyyaa qubeefi lakkoofsa baratanii kutaa 1ffaa akka seenan taasiseera. Manneen barnootaa bu'uura borii baadiyyaatti ijaaramuun barattoonni baadiyyaas waggaa afurriraa kaasanii carraa barnootaa akka argatan taasiseera jedhu.

Bara darbe manneen barnootaa bu'uura boruu 221 godinichatti kan ijaaraman ta'uu himanii, barana ammoo manneen barnootaa bu'uura boruu 90 ijaaruuf karoorfamee hojjetamaa jira. Kanneen keessaa hanga ammaatti 85 ijaaramanii xumuramanii tajaajila kennuu jalqabuus eeraniiru.

Manneen barnootaa Ifa Boruu sadii godinicha keessa jiraachuu kan himan Obbo Tolasaan, barsiisonni mana barumsichaatti mindeeffamaniifi barattoonni mana barumsichaatti baratan dorgomiidhaan waan ta'eef manneen barnootaa Ifa Boruu sadan manneen barnootaa idileerra fooyya'oo ta'uus himaniiru.

Godinichatti hojiin misooma qamadii bonee bal'inaan adeemsifamaa jiraachuus himanii, hojiin kun aanaalee godinicha hunda ykn 12n keessatti adeemsifamaa jiraachuufi Aanaa Sabbataa Hawaasiifi Iluutti ammoo bal'inaafi kilaastaraan kan omishame ta'uu himu.

Hojiin Ijaarsa Pirojektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii boqonnaa duraa xumuramee dhiyeenya kana bakka Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmad argamanitti eebbifames ummata godinichaafis ta'e naannawa harichaa

*Gara fuula 14tti*

# Bariisaan kaleessa, Guraandhala...

Kanaanis Afaan Oromoo tokko ta'uusaa ittiin agarsiifamaa ture. Loqoda iddoowwan adda addaatti fayyadamuun, namoota walbarsiisuudhaan, walittifiduudhaan, aadaafi jecha bakka tokkotti beekamu warra kaanitti agarsiisuudhaan, akka afaan waalta'aa dubbachuu dandeenyuuf gaazexichi daran nu gargaareera.

Gaazexeessitoonni jalqabarraa eegalanii kutaa qophii Gaazexaa Bariisaa keessa turaniifi jiran beekumsa qofa otoo hintaane kanneen quuqama guddaa qaban waan ta'aniif guddina afaaniifi ogbarruutiif waan guddaa gumaachaniiru.

Gaazexaan kun barreeffamuunsaa Afaan Oromoo kallattii afranitti dubbatamu kunis jira, akkanatti dubbatama jechuun guddicha afaaniifi ogbarruu Oromoo keessatti gumaacheera.

Keessumaa gama guddina ogbarruutiin asoosamaafi walaloofaa dhiyeessuun waan guddaa gumaacheera. Ummanni bara gaazexaan sun jalqabe keessa ture ilaaluu qofaan seenaa, ilaalchaafi fedhii ummata keenyaa Gaazexaa Bariisaarraa hubachuun nidanda'ama; waantonni bara baraan deemaa turan waan jiraniif.

Gaazexaan kun Afaan Oromoo jechoota akka cirrachaa baay'ataniin badhaadhe fayyadamuun waan katabuuf ummatoota walittifiduudhaan, akka jechoonni dagatamanii hinbadneef ittifayyadamuufi barsiisuun gumaacheera.

Kana maleesa gaazexichi jechoonni haaraan warraaqsaafi yeroo wajjin deeman oggaa dhufan dafee fudhatee ittifayyadamuun hariiroo hawaasummaafi dinadgee keessatti qoodasaa bahateera.

Afaan Oromoo dafee teknolojii wajjin akka walbaru gochuu keessattis Bariisaan shoorasaa gumaacheera. Kaan hayyoota wajjin moggaasaafi haaraa uumaati guddina afaaniifi ogbarruu sabichaa keessatti qoodasaa bahataa kan tureefi jiru. Gaazexichi jechoonni kamtu maaliif akka oolan barsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Kanaanis akka guuboo jechootaatti tajaajilaati kan tureefi jiru.

Haalli ijaarsa himaa gaazexichi ittifayyadamaa tureefi jirus guddina Afaan Oromoo keessatti waan guddaa gumaacheera. Namoonni sirna Amaariffaatiin barreessanis turaniiru. Gaazexaan kun deemsa keessa Afaan Oromoo akkuma uumamasaatti akka deemu gochuu keessatti waan guddaa gumaacheera. Caasaa mataasaatiin deemuu akka danda'us Bariisaan sirriitti hojjeteera.

Yeroo barnoonni biyya kanatti babal'atu, yeroo Afaan Oromoo barnootaaf oole keessatti madda (riifaransii) guddaa ta'uun tajaajileera. Kanas ijoolleen afaanichaan baratan Bariisaan akkanatti barreessa jechuun fayyadamaa turan. Waan akkanaa Bariisaarratti agarre jedhanii oggaa ibsan nin dhaga'a. Kunis gumaacha gaazexichaa keessaa isa tokko.

Gaazexaan Bariisaa Afaan Oromoo afaanota kuun wajjin qixa ta'uu mirkaneessuu keessattis qooda olaanaa bahateera. Afaanichi miidhagaa, kan barreeffamaaf tolu ta'uunsaa ifatti akka mul'atu gochuu keessati shoorrisaa guddaadha.

Bariisaan yaada kamuu baatee deemuu, ibsuufi tursiisuu kan danda'u ta'uu qabatamaan mirkaneesseera. Gaazexichi hunda caalaa ummata keenya kallattiilee afranitti argamu walittifideera. Afaansaas walbarsiiseera. Seenaan, aadaafi dhuudhaansaa akka mul'atuu, gabbatu hojjeteera.

Siyaasa keessattis ummanni eenyummaasaatiin, afaansaatiin, aadaafi duudhaasaatiin akka boonu, kan akkanaan qaba jedhee mataa olqabatee akka mul'atu gochuu keessatti waan guddaa gumaacheera.

Gaazexaa mootummaa federaalaa waan ta'eef sochii akka biyyaatti taasifamu akka Oromoon afaansaatiin hubatu, haala jireenyaa naannawawwan biroo, aadaafi duudhaalee sabootaafi sablammoota kaanii afaanumasaatiin akka baru, kansaas akka barsiisu gochuu keessattis qoodasaa bahataa tureera, jiras.

Kana malees haala qabatamaa addunyaa, imaammatawwaniifi karoorawwan mootummaa ummata biraan gahuu keessatti gumaacheera. Gaazexaan kun kan Mootummaa Federaalaa ta'uun gaarii ta'ee garuu habbaan maxxansasaafi haalli raabsaasaa waan sirrii hintaaneef ummata bira qaqqabaa hinjiru malee gama qabiyyeessaatiin miidhagaafi cimaadha yaada jedhun qaba.

Hanqinni guddaan gaazexaa kanaa haala baay'inaafi fedhii ummataa guutuun maxxanfamee dhiyaachuu dhabuusaati. Bariisaan ummata biraa gahaa hinjiru. Dhimmoota hawwatoof xiyyeeffannaa kennuu barbaachisa. Fuulawwan aadaafi dinagdeefaan jiraachuun gaarii ta'us kolaniiwwan haaraafi hawwataa qabatee bahuu qaba.

Namoota haala siyaasaafi kkf xiinxalan barbaadee dhiyeessuu qaba. Waanti namoonni irratti walfalman, yaada irratti dhiyeessan jiraachuu qaba. Kunis akka namoonni gaazexicha dubbisan baay'atu gochuuf gargaara. Beeksisas bal'inaan qabatee bahuu qaba. Gaazexaan kun humna namaatiinis cimuu akkasumas baay'inni habbaasaa dabalamuu qaba.

Ummata bira gahuu qaba. Gaazexaan waantota sadiin ibsama; qaamnisaa sadii, qopheessuu, maxxansuufi raabsuu. Yoo qaamonni kunniin qindooman malee gaazexaan maxxanfame jechuu qofti ga'aa miti. Hanqina caasaalee mootummaa bira jiru waliin dubbachuudhaan sirreessuurrattis hojjechuu qaba. Ogeessonniifi dhaabbatichi kanaaf xiyyeeffannoo kennuu qabu. Nu birattis (Oromiyaatti) dhufuu qaba.

**Obbo Mahaammad Qophee (Nama yeroo gaazexaan Bariisaa maxxanfamuu eegaletti raabsasaarratti qooda fudhachaa turaniifi hayyuu ogbarruu)**

## Jimma: Godina omisha qonnaa...

jiraachuus eeranii, barana akka godinichaatti dammaa toonii kuma 54 argachuuf karoorfatanii hojjechaa jiraachuu himaniiru. Kana keessaa tooniin kuma 10 alergiif akka oolu ibsaniiru.

Omishaafi omishtummaa aannanii guddisuuf sanyii loowwanii fooyyessuurratti xiyyeeffatanii hojjechaa jiraachuu himanii, barana aannan liitirii biiliyoona 1.5 argachuuf karoorfatanii hojjechaa jiraachuufi ji'oota ja'a darbanitti aannan liitirii miliyoon 560 argamuu ibsaniiru.

Jimmi bakka argama bunaa ta'us kanaan dura bunnisaa gabaa addunyaarratti hinbeekamu ture kan jedhan Obbo Mahaammad, buna godinichaa 'Brand' gochuuf raawwatamaa tureen yeroo ammaa bunni naannawa Magaalaa Jimmaatti argamu Buna Jimmaa, kan naannawaa Limmuutti argamu Buna Limmuufi kan naannawa Aggaarootti argamu Buna Kattaa Mudhuggaa jedhamee beekamtii argatee gabaa addunyaaf dhiyaachaa jiraachuu dubbatu.

Barana akka godinichaatti buna toonii kuma 205 alaatti erguuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuus himanii, kana keessaa tooniin kuma 75 gara biyya alaatti ergamuu beeksisaniiru.

Godinichatti omishni biqiltuu baala shaayii dhuma bara 2014 jalqabuu himanii, bara darbe biqiltuun baala shaayii miliyoona 1.1 dhaabamaniiru. Baranas biqiltuu baala shaayii miliyoona 136 lafa heektaara kuma 10 irra dhaabuuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

## "Dhiibbaa biyyoota alaa...

biyyootni alaa taasisaa jiran injifachuuf waldhabbii keessoo furuun barbaachisaa ta'uu Qorataan Hariiroo Itoophiyaafi Biyyoota Arabaa Pirofeesara Gargaaraa Adam Kaamil ibsan.

Hayyuun kun Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Eertiraan Itoophiyaarraa foxxoqxee Itoophiyaan ulaa galaanaa malee waggoota 30f akka turte gochuu keessatti gaheen Gibxi olaanaadha. Qondaalli siyaasaa biyyattii yeroosii Buturoos Buturoos Gaalii Eertiraan fedhii ummata biyyattii malee Itoophiyaarraa akka adda baatuuf akka Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti shirri dalage seenaa keessatti kan dagatamu miti. Har'as taanaan Itoophiyaan ulaa galaanaa biyyoota ollaashee akka hinfayyadamneef shirri karaa Liigii Arabaa xaxaa jirtu daran hamaadha.

Itoophiyaan buufata doonii Aduuliis Aksumitti argamu fayyadamuun mootii Galaana Diimaa ta'uun biyyoota hedduu waliin hariiroo daldalaa cimaa qabaachaa turuushee yaadachiisanii; kanatti hinaafaa kan turte Gibxi har'a Itoophiyaan Galaana Diimaarraa qooda akka hinfudhatne ciniinnattee hojjetaa akka jirtu hubachiisaniiru. Buufatni doonii Asab seenaan qaama naannoo Affaar akka turellee yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Gibxi sadarkaa biyyoota ollaa Itoophiyaa hunda jedhamuun miseensa Liigii Arabaa olaantummaan sochooftu taasisteerti. Waliigaltee ulaa galaanaa Itoophiyaafi Sumaaleelaandi mallatteessan Somaaliyaarra quuqamtuu ta'uun kan ibsa mormii baase Gibxi. Duula karaa tokkoonis ta'e karaa biroon Itoophiyaarratti taasifamu duubaa harki Gibxi hindhabamtu. Kun ammoo Itoophiyaan akka biyya dadhabduu taatu hawwuurraa madda.

Gibxii waraanaan Itoophiyaa jilbeeffachiisuuf bara 1776 akkasumas bara 1875 yaalii waraanaa taasifteen adabamtee deebi'uu yaadachiisanii; yeroo ammaa garuu dhiibbaa dippiloomaasii kallattiin taasiftu cinatti miidiyaalee 4000 qabdu hundaan akkasumas gaazeexessitoota 42 addatti bobbaasuun olola Itoophiyaarratti oofaa akka jirtu dubbataniiru.

Akka dhiibbaa taasifamuu Itoophiyaan waltajjii addunyaarratti bakka hinqabdu turte kan jedhan hayyuun kun; ta'us biyya seenaafi muuxannoo dheeraa qabdu ta'uusheetiin milkaa'ina dhageettiishee addunyaarratti dabalan hedduu gonfachaa akka jirtu himaniiru.

Milkaa'ina dhabuufi kufaatiif waldhabbiin keessoo dhiibbaa alaa harka hedduu waan caaluuf tokkummaafi walhubannaarratti xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamuu akka qabu dhaamanii; akkuma dhiibbaa kaleessa ture dandamachuun injifannoo boonsaan galmaa'e, har'as injifannoo caaluuf garaagarummaa jiru mariidhaan goolabuun dhiibbaa alaa dura waloodhaan dhaabbachuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

## Godambaan Yaadannoo Injifannoo...

ibsaniiru.

"Godambichi hangasaatiin daran kan nama boonsu, qabeenya seenaa qabateenis daran gammachiisaafi hundammataadha. Yaadannoon Injifannoo Adwaa hunda kan agarsiisuufi biyya, gareefi matayyaa walaba ta'uu barbaadu kamuu seenaa fakkeenyummaan barsiisu kan qabuudha" jechuunis kuufama seenaa Godambichi hammate hubachiisaniiru.

Godambaan Yaadannoo Injifannoo Adwaa haala kanaan ibsame kun boru, Guraandhala 3 bara 2016 kan eebbifamu yoo ta'u, godambichi seenduubee Injifannoo Adwaa ka'umsa godhatee Finfinnee, fuullee Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee (Mana Qopheessaa)tti ykn Ejersa Gooroo (Piyaasaa)tti ijaarameedha. Godambichi haala gootota Itoophiyaafi teessuma naannawa Adwaa sirriitti ibsuun kan saxaxame ykn dizaayin ta'eedha.

Godambichi bilookiiwwan 11 qabatee lafa hektaara shan yommuu ta'u, oleesaa dabalatee lafa hektaara 12 irratti kan ijaarameedha. Keessoosaatti fakkoommii tulluu Adwaa akka funcaa walqaqqabatan, yaadannoo abbootii fardaa Adwaa, yaadannoo dubartoota gootootaaf moggaafame, wiirtuu tokkummaa, yaadannoo bilisummaa Afrikaa akkasumas godambaa imala gootota Itoophiyaa agarsiisu qaba.

Godambichi haala tajaajiloota damdaneessa kennuu danda'uun kan ijaarame yoo ta'u galmoota adda addaa altokkotti namoota 300 hanga 4000 keessummeessus qaba.

Godambichi gama seenaa kaa'uufi ittifufsiisuutiin xiyyeeffannaa olaanaadhaan kan hojjetame yoo ta'u, faayidaansaas daran olaanaadha. Bulchiinsi magaalichaas kanuma yaada keessa galchuun hojicha jalqabsiisee xumursiiseera.

Godambichi caalaatti injifannoo Adwaafi gootota yeroo waraanichaa aarsaa ta'an kan yaadachiisu, gootummaa kanas addunyaatti beeksisuufi yaadachuuf yaadamee kan ijaarame yoo ta'u, haala daaw'attootaaf mijatuun daran kan miidhagfamedha.

Godambaa guddichi waa'ee kaleessaafi har'aarra tarree Itoophiyaan egere maal fakkaachuu qabdi jedhamee ogummaa damee ijaarsaatiin, dameewwan aadaafi misooma ittifufsiisuutiin addunyaa keessaa maal fakkaatti jedhu sirriitti hubachuu daran kan gargaaruufi agarsiisuudha.

Manni marii bulchiinsa magaalichaafi waajjiirrisaa godambicha keessa ta'a. Bulchiinsa magaalaatiifis galmi guddichi godambichatti ni argama.

Godambaan kun dandeettii konkolaattota kuma tokko akka qabatu taasifamee kan hojjetameedha. Pirojektichi egaa haala taateewwan Adwaa yeroo labsiin ittarii (kitat) labsamerraa kaasee jiran hunda ibsuu danda'uun kan ijaarameedha.

Yeroo waraanaa sana hirmaannaan dubartootaa olaanaa waan tureef kunis akka sirriitti yaadatamuuf haalota addaatiin ibsamaniiru. Naannoonsaas akka Adwaa akkaatuuf fakkeenyaaf tulluuwwan Adwaa girgiddaa (keenyan) irratti akka mul'atan gochuudhaan ogummaadhaan ibsamaniiru.

Keessoon godambichaa meeshaalee teknolojii sadarkaasaanii eeggataniin kan hojjetameedha. Dibbeen (miidiyaan) yeroo duula waraanaa Adwaa waamichi ittarii taasifameenis ogummaa addaatiin miidhageeti godambichatti kan hojjetame. Bitaa mirga dibbee hojjetameetti ammoo bocni haala kufaatiifi waraana gootota agarsiisu bareechee mul'ata.

Gaalariiwwan hojiilee artiis godambichatti iddoo guddaa argataniiru. Adeemsonni yeroo waraanichaa turan marti haala gaariidhaan ibsamanii mul'atu. Iddoon agarsiisiwwan adda addaa ittidhihaatanis nijiru.

Bakki guyyaan yaadannoo Adwaa ittikabajamus bakkuma dibbeen argamu kanatti kan qophaa'e yoo ta'u, bakki teessumaa namoota ayyaanicharratti hirmaataniis danaa teessumaa istaadiyemii qabatee miidhaginaan hojjetameera.

Godambichi manneen sinimaa, laayibirarii, jimnaaziyemii, deeykeer (iddoo daa'imman ittikunuunfaman), suuqiiwwan adda addaa qaba. Gubbaasaarratti bakka magariisa bashannanaaf oolu, kaafteeriyaafi reestoraantii guddichas qaba.

Godambaa seenaqabeessi kun caalaatti Itoophiyummaa, mallattoo walfaana hojjechuufi cichuuti. Godambichi Finfinnee saffisaafi kalaqaan guddataa jirtuuf miidhagina addaa dabaluudhas. Magalattiif qofa otoo hintaane biyyaafis fakkeenya addaa ta'ees tajaajiluudhas.

# Abbootii qabeenyaa maxxansa...

Xiyyeeffannaa qulqullina barnootaatiif kennameen qormaatni cimuu, walittibu'iinsaafi hongeedhaan hanga tokko baay'inni barataa barana barachuuf galmaa'ee gad bu'uu kaasanii; gama birootiin manneen barnootaa aantummaa siyaasaarraa bilisa taasisuuf xiyyeeffannoo mootummaan hoggansi barnootaa ga'umsa qofaan gara hoggansaatti akka dhufu taasisuu eeraniiru. Dhaabbata leenjii daarektarummaa hundeessuun leenjisaa jiraachuus himaniiru.

Barumsa gannaa digriifi dippiloomaan eebbifamuun dhaabbatee yeroof mariitti jiramus barsiisaan barumsa barsiisuun gahaa akka ta'uuf leenjiin ogummaa gabbifachuu cimee akka ittifufu dubbataniiru.

Oduudhuma walqabateen, duula "Barnootni Dhalootaaf" jedhuun ji'oota ja'an darbanitti sadarkaa biyyaattii hojiin misooma barnootaa qarshii biliyoona 21.9 ta'u hirmaannaa ummataatiin hojjetamuu Ministeerri Barnootaa beeksise.

Ministeerichatti Ittigaafatamaan Deeskii Sagantaalee Barnootaafi Fooyya'insa Qulqullinaa Obbo Taayyee Girmaa ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf torbee darbe kennaniin akka eeranitti, kaayyoon duulichaa sadarkaa manneen barnootaa fooyyessuun qulqullina barnootaa mirkaneessuudha.

Akka isaan jedhanitti, manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa biyyattiin qabdu keessaa %86 bu'uraalee misoomaa, galteewwan baruu barsiisuuf barbaachisan, kutaa barnootaa baay'ina barataa faana walsimu dhabuun, manneen barnootaa qulqullina qabu dhabuufi sababoota birootiin sadarkaadhaa gadi. Kunis kufaatii barattootaaf sababa tokko ta'eera.

Rakkinicha hirmaannaa ummataatiin furuuf bakka ministira muummee dabalatee hoggantoonni mootummaa olaanaan argamanitti duulichi ji'a ja'a dura ifoomuu yaadachiisaniiru.

Milkaa'ina duulichaatiif lammiileen deeggarsa qarshii biliyoona 21.9tti tilmaamamu taasisuus himanii; kunis deeggarsa maallaqaa kallattiidhaan qarshii biliyoona 8.3, humniifi beekumsi yommuu maallaqatti jijjiiramu qarshii biliyoona 5.5fi akaakuudhaan ammoo galteewwan baruu barsiisuuf barbaachisan tilmaamnisaanii qarshii biliyoona saddeet ta'u dhiyeessuun ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti qabeenya kanaan manneen barnootaa 749 haaraan ijaaramaniiru, manneen barnootaa kuma shaniifi 578 haareffamaniiru, manneen barnootaa kuma 42fi 600f galteewwaan akka gabateefi teessoo barattootaafaa guutamaniiru. Manneen barnootaa kuma tokko ta'aniif ammoo manni fincaanii ijaarameera.



# Hojiilee misoomaafi...

jiraatu bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, ibsaa, elektirikiifi mana barumsaa akka argatu taasiseera jedhu.

Qonnaan bultoota sababa ijaarsa pirojektichaatiin qe'eesaaniirraa ka'aniif manneen jireenyaa sadarkaasaanii eggatan qarshii miliyoona 150n naannawa harichaatti ijaaramanii meeshaalee manaa guutuu waliin qonnaan bultoota 13f kennameera kan jedhan Obbo Tolasaan, pirojektichi yeroo ammaa dargaggoota godinichaa 839f carraa hojii uumuu ibsaniiru.

Bulchiinsi godinichaa ammoo qarshii miliyoona tokkoo oliin biskileettota 30 bitee dargaggoota gurmaa'an 36f kennuudhaan turistoota gara Haroo Wancii dhufanitti kireessanii galii akka argatan taasiseera jedhu.

Akka godinichaatti ammoo barana dargaggoota kuma 73fi 964f carraa hojii uumuuf karoorfatanii hojjechaa jiraachuu himanii, kana keessaa hanga Amajjii 30 bara 2016tti dargagoota kuma 44fi 535f carraa hojii uumuun danda'ameera jedhu.

Hojiin ijaarsi pirojektii daandii Walisoo-Amboo erga jalqabamee waggoota sagal ta'uufi hanga ammaatti xumuramuu dhabuun hawaasa biratti komii guddaa uumuu himanii, hojiin ijaarsa daandii mootummaa federaalaatiin eegalame kun qaama pirojektii Ikoo Turizimii Haroo Wancii-Dandii ta'ee yeroo gabaabaa keessatti akka xumuramuuf Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahmadiifi Ministirri Raayyaa Ittisa Biyyaa Doktar Abrahaam Balaayiin akka hojjetamuuf kallattiin taa'uu himaniiru.

Ittigaafatamaa Ittaanaa Waajjira Qonnaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Obbo Lataa Hurrumaa akka jedhanitti, godinichatti barana lafa hektaara kuma 105fi 402 omisha qamadii bonaatiin uwwisuun callaa qamadii kuntaala miliyoona 5.1 argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Hojin qonna qamadii bonaa kun keessumaa aanaalee Sabbataa Hawaasiifi Iluu keessatti bal'inaan kan adeemsifame ta'uu eeraniiru.

Hojiin jalqabsiisa facaasaa qamadii bona baranaa bakka Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obba Shimallis Abdiisaa argamanitti ifatti kan jalqabame ta'uu himanii, hojiin misooma qamadii bonaa godinichatti erga jalqabee waggaa sadii ta'uufi yeroo ammaa keessumaa aanaalee godinichaa keessaa aanaalee Sabbataa Hawaasiifi Iluutti daran babal'atee kilaastaraan omishamaa jiraachuu eeru.

Irrajireessi lafa godinichaa diriiraafi qonna qamadii boneef mijataa ta'uu kan himan Obbo Lataan, bakka lageen hinjirrettis bishaan lafa jalaa baasanii omisha qamadii bonaa adeemsisaa jiraachuu eeraniiru.

Aanaa Sabbataa Hawaasitti omishni qamadii bonaa jiga Laga Awaashitti fayyadamuun adeemsifamaa turuu himanii, barana deggersa mootummaan naannichaa taasiseefiin boolla bishaanii xixiqqaa 180fi boolla bishaanii guguddaa sagal baasuun omishni qamadii bonaa bal'inaan adeemsifamaa jira jedhan. Aanaa Iluuttis boolliwwan bishaanii guguddaan sadii bahee hojiin misooma qamadii bonaa bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu dubbataniiru.

"Hojii misooma qamadii bonaa baranaa milkeessuuf Biiroon Qonna Oromiyaa deggersa humna namaafi meeshaalee nuu taasisaa jira" kan jedhan Obbo Lataan, hanqina bishaaniirraa kan ka'e omisha qamadii bonaa kana aanaalee godinichaa hunda keessatti bifa walfakkaatuun adeemsisuu kan hindandeenye ta'uus dubbataniiru.

Hanqinni dhiyeessa xaa'oofi sanyii filatamaa qamadii bonaarratti bara darbe mudatee ture barana furamuu himanii, lafti omisha qamadii bona baranaa irrajireessi tiraakteraan qotamee kan faca'e ta'uus ibsaniiru.

Obbo Addunyaa Galataafi Obbo Malkaa Aboo Aanaa Sabbataa Hawaasitti, qonnaan bultoota Ganda Boondeeti. Obbo Addunyaan akka jedhanitti, barana yeroo jalqabaatiif qamadii bonaa kan facaasan. Sanyii qamadiifi xaa'oo deggersa mootummaan taasiseefiin argatan.

Omisha qamadii bonaa kana bishaan lafa jalaa mootummaan baaseef fayyadamuun kan omishan ta'uufi utuu omishni qamadii bonaa kun dursee faca'eera ta'ee laficharra midhaan biraa facaasuu akka danda'an dubbatu. Lafa kana waqtii gannaa lagni Awaash dhangala'ee waan irra ciisuuf ganna omishuu kan hindandeenye ta'uus ni eeru.

Omisha qamadii bonaa barana kan jalqaban ta'uufi lafa hektaara tokkorraa callaa qamadii hanga kuntaala 30tti eegna kan jedhan Obbo Malkaan, lagni Awaash waqtii gannaa lafasaaniirra kan ciisu ta'uufi fulbaanarraa jalqabee lafti qooraa waan deemuuf bara dhufu lafasaanii waggaatti yeroo lama omishuuf dursanii gara hojiitti galuuf qophii ta'uu dubbatu.

# "Itoophiyaatti filannoon...

akka jedhanitti, kanaan booda filannoo ummataatiin malee afaan qawweetiin aangoo qabachuun hinmilkaa'u. Itoophiyaatti yaada mo'ataa gurmeessanii filannoo ummataatiin aangoo qabachuurra waggoota 50n darban afaan qawwee filannoo taasifachuun gufuu nageenya biyyattii ta'aa tureera. Waldhabbii mariin furuun hafee humnaan obboleessi obboleessa ajjeesuun bu'aan argamu hinjiru.

Qawwee hidhachuun sabasaanii hiraarsaa nan qabsaa'a jechuun adeemsa hiika hinqabnedha kan jedhan Doktar Abiyyi; qabsoo Shaneen Oromiyaa keessatti taasisaa jirus kanuma. Ta'us kanaan booda afaan qawweetiin aangoo qabachuun hin yaadamu jechuun hubachiisan.

Akka isaan jedhanitti, Shaneen waliigaltee Asmaraatti taasifame mootummaan guutuu dhabnaan ummatni Oromoo nagaafi misooma dhabnaan yoo qabsoof bosanatti gale ta'e, ummata danquun, saamuun, misooma dhorkuufi konkolaataa gubuun ummata Oromoof faayidaa fidu hinqabu. Qabsoon akkasii ulaagaa kamiinuu qabsoo ta'uu hindanda'u. Ummatni Oromoo kan isa hiraarsu osoo hintaane qabsoo karaa nagaatiin misoomaafi dimokraasii kan isaaf gabbisu barbaada.

Marii ummata naannoo Amaaraa waliin taasisaniin ummatni gaaffilee ijoo sadii jechuunis misooma, heerri akka fooyya'uufi dhimma daangaa ta'uu yaadachiisanii; mootummaan gaaffii misooma naannichaa deebisuuf waantota hedduu dalaguu ibsaniiru. Laga Abbayyaarratti qarshii biliyoona 2.4 baasuun riqicha sadarkaa biyyaatti hin yaadamne ijaaruun ala pirojektii Gorgoraa sadarkaa idiladdunyaa madaaluun hojjechuun akka danda'ames eeraniiru.

Gaaffileen heera fooyyessuufi daangaan walqabatu marii biyyaalessaatiin furmaata argata amantaa jedhu akka qabanis himanii; gaaffii daangaan walqabatee ummatni Amaaraafi Tigraay tokko waan ta'aniif gaaffiin waliigaltee ummattoota lameeniin akka furamu fedhii mootummaa federaalaa ta'uu ibsaniiru. Gaaffichi marii bal'aan haala obbolummaafi ollummaa waaressuun furuu barbaadas jedhan.

Tigraayitti waliigaltee Piriitooriyaa booda bulchiinsa yeroo naannichaa waliin dhaabbilee tajaajila hawaasummaa hojii eegalsiisuun dabalata warshaalee 217 gara hojiitti deebisuu himanii; baankiin biyyaalessaas tajaajila faayinaansiif qarshii biliyoona 10 ramaduu ibsaniiru.

Nageenya biyyattii waaressuuf mootummaan hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu cimsee ittifufa. Namoota gara nagaatti deebi'an harka bal'isee simata. Carraa hojii uumuurratti xiyyeeffatee hojjeta. Cabiinsa imala bulchiinsaa keessatti uumamaniif beekamtii kennuun egereen biyyattii seenessa waloon akka yayyabamtu cimee hojjeta jedhan.

Ispoortii BARIISAA

Tashoomaa Qadiidaatiin

# Gareen dubartoota Itoophiyaa umrii 17 gadii har’a taphata



**Finfinnee:** Waldaa Kubbaa Miilaa Addunyaa (“FIFA”)dhaan waggaa lamatti altokko kan qophaa’u Waancaan Kubbaa Miilaa Dubartoota Addunyaa umrii 17 gadii 8ffaan ALA Onkoloolessa 16 hanga Sadaasa 16 bara 2024tti Riippabliikii Dominiikaatti gaggeeffama.

Walmorkichaaf ardiiwwan jaharraa biyyoonni 16 ni hirmaatu. Afrikaa bakka bu’uun kan hirmaatan biyyoota sadii. Taphicharratti hirmaachuuf biyyoonni Afrikaa 35 ramaddiiwwan addaddaatti qoodamuudhaan tapha gulaallii adeemsisaa jiru.

Haaluma kanaan gareen Kubbaa Miilaa Dubartoota Itoophiyaa umrii 17 gadii torbee darbe Finfinnee, Istaadiyoomii Abbabaa Biqilaatti gitasaa Afrikaa Kibbaa wajjin taphatee 3-0n mo’ateera.

Garichi tapha deebii har’a waaree booda adeemsifamurratti hirmaachuuf kaleessa gara Johaanisbargitti imaleera. Taphichaan yoo mo’ate gitasaa Keeniyaa waliin kan taphatu ta’a.

Gareen miseensota qabu kun qaamanis ta’e xiinsammuudhaan haala gaariirra jiraachuu Leenjistuu Raawudaa Alii ibsa dheengadda kenniteen eerteerti.



*Garee Kootidivaar*



*Waancaan kun eessatti galaa?*



*Garee Naayjeeriyaa*

# Waancaa kubbaa miilaa Afrikaa eenyutu fudhata?

**Finfinnee:** Amajjii 4 bara 2024 irraa eegalee magaalota Kootidiivuwaaritti adeemsifamaa kan jiru walmorkiin waancaa kubbaa miilaa Afrikaa 34ffaan boru galgala tapha Kootidiivuwaarifi Naayijeeriiyaa jidduutti adeemsifamuun xumurama.

Waancaa biyyoonni 24 ramaddiiwwan jahatti adda qoodamuudhaan torban sadiif irratti walfalmaa turan kanaaf Kootidivuwaariifi Naayijeeriyaan kan walargan, Kootidiivuwaar ramaddii tokkoffaarraa taphawwan gulaalaatti Giinii Bisaawu 2-0n mo’attus Naayijeeriyaadhaan 1-0n, Ekuwaatoriyaal Giiniidhaan 4-0n mo’amtee carraadhaan sadaffaa ta’uudhaan tapha mo’anii darbuutiif kan geesse.

Tapha mo’anii darbuutiin ammoo Senegaal 5-4n mo’achuudhaan irboo maahessaatiif kan dabarte. Tapha irboo maaheessaatti ammoo Maalii 2-1n gaggeessuudhaan walakkaa maaheessaatiif kan dhihaatte.

Walmorkii walakkaa maaheessaatiif adeemsisametti Riippabliki Dimokraatik Koongoo dhiphina olaanadhaan deeggarsa ummatashee dabalattee 4-3n mo’achuudhaani.

Gareewwan lameenuu tapha daqiiqaa 90 keessatti 1-1n adda bahaniin mo’ataa beekuuf daqiiqaa 30n dabalamus waan walhinmo’atiniif dhawiinsa liigooree shan shan kennameen Kootidiivuwaar 4-3n mo’achuudhaani.

Naayijeeriyaanis ramaddii tokkoffaarraa darbuu kan dandeette Ekuwaatoriyaal Giinii wajjin 1-1n adda baatee, Kootidiivuwaariifi Giinii Bisaawu qabxii walfakkaatuun 1-0n mo’achuudhaan tapha mo’anii darbuuf kan dhihaatte.

Walmorkii mo’anii darbuuf ammoo Kaameerun 2-0n gaggeessuudhaan tapha irboo maahessaatiif kan dabarte yoo ta’u, irboo maaheessaatti Angoolaa 1-0n mo’achuudhaan tapha walakkaa maahessaatiif kan dhihaatte. Tapha walakkaa maahessaatti Afrikaa Kibbaatiin walarganii taphaan caalamus 1-0n mo’achuudhaani falmii waancaa boruu kanaaf kan dhihaatte.

Biyyoonni lameen tapha waancaaf dhihaatan kunneen ramaddii tokkoffaa keessa kan turan yoo ta’u ramaddii cimaadha jedhamee ture. Akkuma duraan durfamee tilmaamame ramaddii kanarraa biyyoonni lameenuu tapha waancaaf darbuunsaanii tilmaamicha dhugoomseera.

Walmorkiin waancaa kubbaa miilaa Afrikaa kun yeroo 34ffaaf qophaa’uus Kootidiivuwaar yeroo 24f hirmaatteetti. yeroo lamaaf biyyumasheetti qopheessiteetti. Yeroo lama ammoo waancaa fudhateetti. Kan baranaa kanas akkumaa qopheessite mo’achuudhaan hambifatti jedhamee eegama.

Naayijeeriyaan yeroo 19f waancaa kanarratti hirmaachuudhaan yeroo sadiif shaampiyoona ta’uun fudhatteetti. Kan ammaa kanatti mo’annaan ni afreeffatti jedhamee eegama. Kanumaafi, waancaan kun Kootidiivuwaaritti hafa moo gara Naayijeeriyaatti ce’a laata gaafiin jedhu kan ka’aa jiruuf.

Tapha walakkaa maahessaa Roobii tare adeemsifametti kan mo’aman Afrikaan Kibbaafi Riippabliik Dimokraatik Koongoon sadarkaa sadaffaa argachuuf har’a galgala nitaphatu.

## Atileet Gooyititoom Gabrasillaasee Ambaasaaddara kabajaa taate

**Finfinnee:** Abbaan Taayitaa Eegumsa Bineensota Bosonaa Itoophiyaa qabeenya uumamaa biyya keenyatti argamu kunuunsee eeguuf qaamolee gargaartota adda addaa waliin hojjechaa jira.

Haata’u malee rakkina namaan uumamuun qabeenyi uumamaa yeroodhaa gara yerootti balaaf saaxilamaa jira. Isaan keessaa tokko kan ta’e bineensa addunyaarratti saffisa ykn sa’aatiitti kiiloo meetira 100 ol fiiguudhaan adda ta’een beekamu, Warbaa (‘Chiitaa’) adamsuudhaan gochi seeraan alaa irratti raawwatamu waan hammachaa dhufeef qabeenyi biyyaa kun haala yaaddessaarratti argama.

Atileetonni keenyas keessumaa fiigicha dheeraa maaraatooniitiin addunyaarratti




mo’achuudhaan maqaa olaanaa kan argatan fiigichuma saffisaa kanaani.

Daarektarri Abbaan Taayitaa Eegumsa Bineensota Bosonaa Itoophiyaa Obbo Kumarraa Waaqjiraa bineensa balaaf saaxilamee baduuf fiixeerratti argamu kana baraaruuf warbaa fiigicha maaraatooniitiin kan beekamtu atileet Gooyitiitoom Gabrasillaasee ambaasaaddara kabajaa eegumsa Warbaa taasisee muuduusaa beeksisaniiru. Kanaafis atileetittii wajjin waliigaltee mallatteessuu eeraniiru.

Sirna muudamaa ambaasaaddarummaa dheengadda Finfinneetti adeemsifamerratti argamuun waraqaa ragaa kan kennan Ministira Turizimii Ambaasaaddar Laliisee Caaliiti.

Saganticharratti ambaasaaddaroonni Hundiifi Poorchugaal, Ministir De’eetaan Ministeera Aadaafi Ispoortii Ambaasaaddar Masfin Charinnatiifi keessummoonni biroo argamaniiru.